مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# المسلمون والبديل الحضاري

حيدر عبدالكريم الغدير

# MUSLIMTOOTA fi QAROOMA EGEREE

**Qopheessaan:**
Heeydar Abdulkariim Al-Gudeeyr

**Hiikaan:**
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# المسلمون والبديل الحضاري

## حيدر عبدالكريم الغدير

# Muslimtootaa fi Qarooma Egeree

## Qopheessaan: Heeydar Abdulkariim Al-Gudeeyr

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/63**

Maqaa Rabbii akkaan mararfataa fi tola oolaa ta’eetiin jalqabna

Faaruun kan Rabbii addunyaa hunda uumeeti. Nagahaa fi rahamanni xumura nabiyyootaa fi ergamtootaa kan ta’an nabi Muhaammadiin irratti haa jiraatu.

﴿ أَلَمۡ يَرَوۡاْ كَمۡ أَهۡلَكۡنَا مِن قَبۡلِهِم مِّن قَرۡنٖ مَّكَّنَّٰهُمۡ فِي ٱلۡأَرۡضِ مَا لَمۡ نُمَكِّن لَّكُمۡ وَأَرۡسَلۡنَا ٱلسَّمَآءَ عَلَيۡهِم مِّدۡرَارٗا وَجَعَلۡنَا ٱلۡأَنۡهَٰرَ تَجۡرِي مِن تَحۡتِهِمۡ فَأَهۡلَكۡنَٰهُم بِذُنُوبِهِمۡ وَأَنشَأۡنَا مِنۢ بَعۡدِهِمۡ قَرۡنًا ءَاخَرِينَ ﴾ الأنعام: ٦

*Sila isaan dura jaarraa irraa dachii keessatti hanga isiniif hin mijeessin, isaaniif mijeessine, hedduu balleessuu keenya hin ilaalanuu, bookkaa wal hordofaa ta’e isaan irratti buufnee, laggeenis jala isaanii akka yaatu goone badii isaaniitiin isaan balleessinee booda, isaanitti dhaloota biraa uumne,*

# GALATA

Qorattoota ifa irraa fagaatanii dukkana keessatti qorannoo adeemsisaniif, Dargaggoota Muslimaa rakkoo amma ummata keenna miidhaa jiru kanaaf furmaata barbaadaa jiraniif, Beektotaa fi hayyoota miliyoonaan lakkaawaman kan tajaajila ummata kanaatiif dhaabbataniif, Warroota rakkoo kana qorachuuf sammuu fi ija argituu qaban hundaaf, Ilaalchaa fi qorannoo kitaaba kana keessatti barreesineen galata isaanii galchina.

Baafata

**GALATA** .................................................................... **3**

**SEENSA MAXXANSA DURAA** ............................................ **5**

**SEENSA MAXXANSA LAMMAFFAA** ................................ **8**

**KUFAATII QAROOMAA** .................................................. **13**

**LALLABBII RAKKOO** ....................................................... **15**

**BIYYOOTA DHIHAATTI TAATEE LUBBUU OFII BALLEESSUU** ....................................................................... **25**

**YAALIWWAN HANQINA QABAN** .................................... **36**

**FILANNOON BIRAA EESSA JIRA?** .................................. **38**

**QAROOMNI MUSLIMTOOTAA FILANNOO EGEREETI** ............................................................................ **49**

## SEENSA MAXXANSA DURAA

Faaruun kan Rabbiiti. Isaa faarsina. Isatti qarqaarsifanna kan isa dhiifama fi qajeelluma gaafannuuti, hamtuuwwan mataa keennaa fi badiiwwan keenna irraa isatti maganffanna. Nagahaa fi rahmanni ergamaa jaalatamaa irratti haa jiraatu. Akkasuma warra isaa fi hiriyyoota isaa irrattis Rabbiin biraa nagahaa fi tola oolummaan bareedaa fi filatamaan haa jiraatu. Kana booda:

Waraqaan tuni hedduu barbaachiftuudha. Lallaba akeekkachiisa warroonni qarooma dhihaa damee kaappitaalizimii fi sooshaalizimii lallaban Bifa gaariidhaan lafa kaayee jira. Lallabni Kunis qaroomni hammayyaa dadhabuu ykn laafuu yoo ta'u gara biraatiin immoo Islaamummaa irraa akeekkachiisan.

Qorannoon kuni qabiyyeen isaa xiqqaa ta'uu wajjiin xumura irraatti firiin akkana jedhu irra gahuuf deemaa jira: (wal nyaatinsi qarooma biyyoota Dhihaa dhukkuba fala hin qabne guyyaa hunda ijaarama isaa nyaatu ta'uudhaan xumura isaa isa geessaa jira, sunis kufaatii qarooma kanaati. Kufaatiin qarooma warra dhihaa, qarooma haarawa biraatiif karaa bana. Qaroomni kana booda dhufa jedhamee eeggamu qarooma ilma namaa rakkoo inni keessa jiru kana irraa bilisoomsuun adeemsa jiruu gaarii irra kan kaayu jedhamee yaadama.)

Tilmaamni kuni akkuma jirutti ta'ee, qaranoon kuni garuu ummanni Muslimaa yaadachuu kan qabu, Rabbiin guddaa fi qulqullaahaan, injifannoo fi gargaarsa nama jabaatee hin dalaginiif hin kennu. Ummatni Muslimaa dachee tana keessatti

bakka bu’ummaa fi milkaa’ina argachuuf tattaaffii cimaadhaan jabaatanii dalagutu irraa eeggama. Kunis karaa dheeraa fi dadhabsiisaa waan qabuuf isa keessa seenuun dirqama ta’a. Kufaatiin qarooma warra dhihaa, guddinaa fi dagaagina qarooma ummata Muslimaati jedhanii yaaduun dogoggora guddaadha. Yaadni akkana kuni abjuu warraa waa ceenphuu, daa’immanii fi warra hawwii keessa jiraatuuti.

Seenaan qorannoo kanaa bara 1987 tti deebi’a. Innis yeroo gamtaan dargaggoota Muslima Arabootaa, dura taa’aa dhaabbata xiinxala Islaama idila addunyaa dr Xaahaa Jaabir Al Alwaaniif waamicha godhan. Kunis mata duree qaroomni Muslimtootaa filannoo egereeti jedhuun akka barnoota dabarsaniif gaafatanitti ture. Barnootni kunis guyyaa 5\3\1987 magaalaa Albanii naannoo niyuwarki jedhamtutti adeemsifame.

Warroonni guyyaa san achitti argamanis ta’ee warroonni dhagahan gorsa kanaan hedduu waan gammadaniif, wantoota isa keessatti dhufe hunda maddeen isaa ibsuun bifa bareeffaamaatiin akka dhihaatuuf gaafatan. Fidhii dargaggoota gamtaa Muslima Arabaa guutuu fi faayidaa qorannoo kanaa dimshaashessuuf, gamtaa dargaggoota Muslima Arabootaa fi dhaabbata xiinxala Islaama idila addunyaa jiddutti walii galteen qaronnoo kana bareeffamaan dhiheessuu mallatteeffame.Damee qorannoo fi qu’annoo kitaaba kana walitti qabuu fi qopheessuutti itti gaafatamummaan kennamee jira.

Wanti gamtaa dargaggoota Muslima Arabootaa gammachiisu, dhaabbata xiinxala Islaama idila addunyaa wajjiin ta’uudhaan

yeroo jalqabaatiif qorannoo kana qopheessuu isaati. Bifa walitti fufiinsa qabuun qorannoowwan dargaggoota Muslimaa fi Arabaa fayyadan dhimmoota adda addaa biroos gara fuul duraatti akka waliin gaggeessinu fi dalagnu hawwii keenna.

Rabbiin wanta namni yaadu hundaa ni beekaa, isumatu karaa qajeelatti nama qajeelcha.

Gamtaa dargaggoota Muslima Arabootaa

Damee aadaa fi duudha

## SEENSA MAXXANSA LAMMAFFAA

Dhaabbanni xiinxala Islaama idila addunyaa qorannoo gabaabaa mata duree Muslimtootaa fi filannoo qaroomaa jedhuun yeroo qopheessu gammachuu guddatu itti dhagahama. Qorannoon kuni maqaan isaa qabiyyee isaa irratti qajeelcha. Innis lallabaa fi akeekkachiisa dhihiinsa aduu qarooma warra dhihaa walitti qabuu fi tartiibessuudha.  Dubbiin kunis kan argame afaan barsiisota warra dhihaa qarooma kana hin beekan ykn moggaa dadhabinaa fi cimina qarooma isaanii hin hubanne jedhamanii warraa hin shakkamne irraayi. Xiinxallitoonni akka ibsanitti qaroomni warra dhihaa qarooma hundee irraa rakkoo qabuu fi furmaata argachuu akka hin dandeenne ta’uu isaa mirkaneessanii jiru. Kanaaf sararri giraafii qarooma warra dhihaa gara kallattii gadiitti akeekaa jira. ta’us garuu wantoonnibayeessa ta’an hedduun qarooma warra dhihaa kana keessatti akka argaman namni haqummaan deemu kamiyyuu murteessuu irraa of duubatti hin deebi’u.

Kanaafuu filannoon biraa addunyaa teenna har’aa tana masaktu jiraachuun dirqama ta’a jechuudha. Namoonni qaama filannoo haarawa jiru kana yoo ilaalan, hedduu kan nama jajjabeessituu miti jedhu. Kunis sababoota amansiisaa mataa isaa qaba. Sababoonni kunniin qorannoo kana keessatti dubbatamanii jiru. Namoonni haala ummata Islaamaa yoo ilaalan dadhabina, wal dhahiinsa yaadaa fi rakkoolee hedduu qabaachuu waliinuu, dandeettii addaa addaa akka qaban argu. Dandeettiin isaan qaban kunniin akka qarooma cimaa fuul duratti eeggamu kana masakanii fi adeemsa isaa cimsan isaan jajjabeessa. Garuu adda dureedhaan dhimmoota guutamuu qaban guutuun dirqama ta’a.

Yoo sararri giraafii qarooma warra dhihaa xumura firiin isaa kan gara gadiitti akeeku ta'e, sararri giraafii ummata Islaamaa xumura firii isaatti gara kallattii oliitti akeeka. Kunis yoo adda dureewwan guutanii argamaniif qabxiiwwaan ummata Islaamaa akka filannoo qarooma fuul-duraa ta'niif wantoota jajjabeessan keessaa tokko ta'uu akeeka.

Haasawa keenna guutuudhaaf wantoota lamaa akkaan barbaachisaa ta'an asitti dubbachuun dirqama ta'a.

**Tokkoffaa:** kufaatiin qarooma warra dhihaa waan yeroo gabaabaa keessatti ta'uu miti, Qaroomni tasa uumamee tasa hin kufu.

**Lammaffaa:** ummanni Muslimaa qarooma haarawa dhufu bifa amma jiran kanaan masakuu hin danda'an. Kanaafuu adda dureewwan hedduu dhimma kanaaf isaan qopheessitu guutachuu qaban. Seerri Rabbii guddaa nama kamiittuu adaba hin gootu. Nama Muslimaa fi Muslima hin taane irrattis ni dalagdi.

Dhaabbata xiinxala Islaama idila addunyaa wanti isa gammachiisu gamtaa dargaggoota muslima arabootaa wajjiin ta'uudhaan qaronnoo kana qopheessuu isaati. Kunis wal qarqaarsa gara fuulduraatiif balbala kan banu yoo ta'u, imala barnootaa keessatti akka wal wajjiin hojjannu hawwii guddaan qaba.

## Wanta Ibsamuu Qabu

Maxxaansa ammaa kana keessatti wanti akka ifa bahu barbaannuu qabxii maxxansa tokkoffaa bara 1988 maxxanfame irra kan jiruudha. Maxxaansa tokkoffaa sababa waraqaan sun kora bara san gamataa dargaggoota Muslima arabootaa irratti dhiyaatuuf jecha jarjaaraan waan qophaayeef dhaabbaticha keessatti hordoffii fi jala deeminsi mana maxxansaa irraa osoo hin taasifaminiif maxxaanfamee bahuu isaatiin dogoggoraan maqaan dr Xaahaa Jaabir akka nama kitaaba kana qopheesseetti irratti barreeffamee bahee jira. Kunis akka sehaa itti gaafatamtoonni dhaabbilee lamaan keessa jiraniitti fudhatama. Yeroo sanitti bareeffamicha kaassettii gorsa dr Xaahaa Jaabir magaalaa Nabiiyi – Niiyuwarkitti taasifame irraa bareeffame jedhamee waan yaadameefi. Gorsi gaafa sanii mata dureen isaa maqaa kitaaba kanaatiin waan walitti dhihaatuufi. Garuu karaan inni ittiin dhiyaateen barruu kitaaba kanaatiin wal dhaba. Kaassetta san keessatti wanti dubbatame barreeffamaan qophaayee waan jiruuf gara fuul duraatti bifa kitaabaatiin mata duree Muslimtootaa fi ragaa qaroomaa jedhuun maxxaanfamee ni baha.

Kitaabni kuni jechoota isaa kanaan akka sagantaa dhaabbatichaatti kitaabota kutaalee shantamatti qooduudhaan mata duree shantama irraa gabaabinaan akka barreeffamuuf kan yaadamee lafa kaayame ture. Kan kana qopheesse Heeydar Abdulkariim Gaddiir nama jedhamuudha. Innis gorsaa fi too’ataa ol’aanaa sagantaa kanaa yoo ta’u, kitaaba kana mata duree Muslimtootaa fi filannoo qaroomaa jedhuun, nama qopheesseedha.

Barreessitoonni Muslimtootaa, dhaabbanni xiinxala Islaama idila addunyaa akka isaan kutaalee kitaaba kanniinii barreessaniif waamicha taasiseef awwaatanii bareessuu akka eegalan hawwii guddaa qabna. bifa walitti fufiinsa qabuun ji’a keessatti kitaabni tokko qophaayee akka bahuu fi hirmaannaa dabaliinsa hubannoo ummtaa keessatti qooda akka fudhatuufi. Kunis dhimmoota xiinxalaa fi aadaa akkaan barbaachisaa ta’anii fi namni kamiyyuu hubannoo isaa akka qabaatu dirqamaan wantoota guutamuu qaban of keessatti hammata. Dhaabbatichi maaliif barreessitoota sanneen irraa akka hawwii isaatti argachuu hin dandeennee? Maaliif sagantichi sadarkaa addaan citutti gahee?

Dhaabbanni filannoowwan biroo lafa kaayuudhaaf yaalii taasise keessaa kitaaba afaan Arabaatiin maxxanse (oduu xiinxala Islaamaa) fi afaan Ingiliziitiin,( IIIT-AMSS NEWS BULLETIN ) akkasuma kutaalee kitaaba magaalaa Kaayirootti barreeffamee bahu (beekkumsa Islaamessuu) jedhu fa’a kaasuun ni danda’ama.

Mirgoonni aartii fi hamilee, akkuma mirga mallaqaati waan ta’eef abbaa isaatiif eeggamuu qabdi. Sababa kanaaf dhaabbatichi erga dubbiin kuni ifa bahee booda daddaffiidhaan maxxansa duraa kan kitaaba kanaa waliitti sassaabee maxxansa lammataa maqaa qopheessaa kitaabaa Heeydar Abdukariim irratti barreessee maxxansiisee jira. Dubbii kana gara tokkoon ifa baasee gara lammataatiin dogoggora tures sirreessee jira. xiinxala baroota 1987 fi 1988 dirree biyyoota Islaamaa keessatti mul’ataa dhufanii fi yeroo ammaa kana 1991 jiran dargaggoota yaadachiisuun akka isaan, dhugamaan ummanni Islaamaa filannoo qaroomaa haarawaa ta’aa? Jedhanii of gaafataniif.

Rakkooleen ummata Islaamaa mudatanis bu'aa galteelee adda addaa kan akka lolaa irraa dhufan akka isiin garee lamaan jiddutii uumamu taasifamee jira, kunis biyya Iraaqii fi Iraan akka wal lolan taasifamee jira.Lollikuni si'aa'inni isaanii dabaluudhaan gareen *Ba'isiyyoota* gara biyya Kuweet deemuudhaan naannoo san hunda akka koloneeffatan ta'anii jiru. Haalli akkanaa kuni gufuu qarooma ummata Islaamaa muudatu keessaa tokko. Yeroo ammaa kanatti harka hedduun gufuuleen akkanaa kuni dabalanii jiru.

Eeyyeen Islaamni filannoo qaroomaa ta'uu ni danda'a. Ta'uus qaba. Sabaabni isaa yoo inni akka filannootti hin ta'iin faca'iinsa fi kufaatii ilma namaatu argama waan ta'eefi. Garuu dhimmi Muslimtootaa wanta wal nama gaafachiisuu fi dhamaasuudha. Muslimoonni tooftaalee Islaamummaa akka haarawaatti bakka isiitiin gayuuf qorannoo cimaa taasisuutu isaan irraa eeggama. Yoo akkas ta'ee argame akkuma kanaan dura ta'anii argamanitti argamuu qabu, isaan garuu akkas hin goone? Akkamitti ykn yoomi laata?

Dhaabbata xiinxala Islaama idila addunyaa

Heerandan – varjiiniyaa

Amajjii 1992

## KUFAATII QAROOMAA

Namni haqaa kamiyyuu addunyaa teenna tana wanti har'a masakaa jiru, qarooma warra dhihaa damee kaappitaalizimii fi sooshaalizimii akka ta'e mormuu hin danda'u. Dameen lamaan kuni dhala namaa masakuu irratti wal dhaansoo ifa galaa keessa galanii jiru. Kunis duudhaa, safuu fi sona isaanii bal'isuun onnee nama hundaa keessatti bakka argachuudhaaf dameen lamaanuu dalagaa jiru. Gara biraatiin immoo biyyoota yaada damee isaanii hordofan hunda waliin hariiroo cimaa ijaaruudhaan gaaddisa damee lamaan keessa biyyi kamiyyuu damee tokko jala akka dhaabatan taasisuu irratti argamu.

Qaroomni warra dhihaa dameen lamaanuu kan dhalatanii guddatan gadaamessa tokko keessatti. Isaanis akka saantimii fuula lamaa dalagaa tokkoof ooltuuti. Yaadni, sonaa fi safuun isaanii bakka tokko irraa waan ka'aniif jechuudha. Ijjannoon amantaan Islaamaa qarooma damee lamaan irraa qabu tokkuma. Lamaan isaaniituu akka ilaalcha amantii Islaamaatti waan utubaa tokko kan hundee hin qabne irraa dhufaniifi. Dhalli namaa dandeettii murtaawaa isaa wajjiin isatuu adeemsa Rabbii guddaa irraa adda bahee ijaarama qarooma kanaaf bu'uura ta'e. Yeroo rakkoon dhala namaatti galtetti damee lamaaan qarooma kanniinii keessaa tokkooyyuu hin hanbifne. Kanaaf bu'uurri isaan lamaanuu irratti ijaaraman sirrii ta'uu dhabuu akeeka.

Qaroomni kunniin jaarraalee darban keessa cimtuu, wal qabattuu, onnee nama kamiituu hawattuu fi dinqii qabeenya, uumteetiin nama hunda kan dinqisiifteedha, yeroo ammaa kanatti dadhabina fi dhukkuba hedduu mallatooleen isaanii dhokachuu

hin dandeenne qarooma kana irraa mul'adhachuu eegalee jira. Wal nyaatinsi qarooma warra dhihaa kuni sammuu fi ija beektota qarooma kanaa harkisuudhaan sagalee isaanii ol fuudhanii akka akeekkachiisa kennan godhee jira. Qaroomni warra dhihaa namoota tokko tokkoof waaraa kan qabu fakkaatus erga mallatoolee fi rakkooleen namoota isii dhaabaniin wal'aanamuu hin dandeenne uumamtee gara kufaatiitti dabdee jirti.

Qaroomni warra dhihaa kan guddatee dagaage qabeenya irratti. Bu'aan gaariin jalqabaa qaroomni kuni argamsiise fi dhalli namaa kanaan dura argee hin beeyne, saayinsii uumamaa argamsiisuu fi kalaqa ykn argannaa teknoolojiiti. Bu'aan dadhabaan isaan fidan immoo xafaafirummaadha. Qabxii doofuummaa qaroomni kuni fide kana warroonni qarooma dhihaa, irraa dheessuu fi waakkachuun beekkaman. Kunis kan ta'e bu'aaleen bayeessa hundi fedhii isaanii fiixaan baasuu erga dadhabanii booda. Sammuun guddatee kan dagaage herreega hafuura (ruuhii) irratti ture. Rakkoon dhokataan kuni kan ifa bahe, dadhabinni qarooma qabeenyaa kun, hawwii fi fedhii isaanii fiixaan baasuu erga dadhabee booda.

Dhugaadha dhalli namaa damee fayyaa fi waldhaansa dhukkubootaa kessattii injifannoo guddaa argamsiisanii jiru. Damee industrii fi oomishaa irratti waan aadaa keessatti hin beekkamne argamsiisanii jiru. Damee hawaa fi satalaayitii irrattis injifannoo ol'aanaa galmeessanii jiran. Garuu wantoonni kunniin hunduu lubbuu namaa irratti dhiibbaan isaan fidan maaliidha? Gammachuu, tasgabbii fi nagaha argamsiisee jiraa? Garuu sodaan, hoongoo fi milkaa'ina dhabuun argamee jira.

Sababni kuni ta'eef qaroomni tuni kaayyoo jiruu fi argama dhala namaatiif wanti isiin fidde hin jiru. Qaroomni kuni qabeenyaa fi qabaatuu qofa irratti waan xiyyeeffateef, namni rifannaa fi sodaa waan argate dhabuu qofa irratti yaada. Fakkeenyaaf sodaa meesha waraana *nikularii* fi dhukkuba eedisii kaasuun ni danda'ama. Qarooma kanatuu bakka badatti biqilee hansaraa hadhaawaa kana fide. Yeroo ammaa kanatti sagalee asii fi achitti kan ol-kaatee lallabdu, ilmalli dhalli namaa gaaddisa qarooma amantaa fi hafuura ilma namaa irraa qullaa taatee jala masakamuu irraa yeroo hedduu akeekkachiisanii jiran.

**LALLABBII RAKKOO**

Ijoolleen qarooma warra Dhihaa waan rakkoo qaroomni isaanii kuni dhala namaa irraan gahaa jiru waan hubataniif, sagalee isaanii ol fuudhanii akeekkachiisa kennaa jiru. Beektonni kunniin akka raaganitti qaroomni warra Dhihaa kuni boolla kufiinsaa irra dhaabachaa jira jedhan. Hayyuun *kisiis kaariil* jedhamu kitaaba isaa *ilma namaa wallaalamaa jedhu*, keessatti qarooma qabeenyaa kana balaaleffachuu ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti, qaroomni kuni abjuu fi abuurraa barnootaa irraa kan dhufe waan ta'eef fedhii fi hawwii ilma namaa kan bu'uureffateedha.

Kisiis yaada isaa itti fufuun, guddina saayinsiin lubbu dhabeeyyii argamsiise irraadhalli namaa sodaa fi yaadni itti guddachuun ala wanti inni fayyadame hin jiru. Ammas akkana jedha: "dubbiin dhugaa hawaasni amma nu keessa jiraannu kuni haala jiruu murtaawaa wahii uumachuu keessatti hawaasa kanaan dura jiraatee darbeen wal fakkaata. Kunis hanga jiruu mataa

isiituu dadhabsiiftuu taasisan takka. Kunis sababa hanga har’aatti hin beekkaminiin kan ta’eedha. Sodaa fi yaadni hawaasni magaalaa keessa jiraatu, kan dhalachuu dandeetteen, sirana siyaasaa, hawaasummaa fi diinagdee biyya sanii irraayi.

Qaroomni ilma namaatiif dadhabbii, milkii dhabuu fi amalli gaariin baduuf sababa taatuu, barbaachisummaan isii maaliif jedhee namni kamuu of gaafataa jira? Ammas akkana jedha: “boqonnaan, bareedinii fi miidhaginni nuti qabnu maal bu’aa qaba yoo dadhabinni keenna waantoota kanatti qarqaarsifannee waan faayidaa nuu qabuuf hin oolfatin? Dhugaa dubbachuudhaaf kuni maraatuma eeggumsa kamiyyuu haqa godhatuu miti. Karaa diigama amala keennaa fi dhala ilma namaa bareedaa kana dhabamsiisutti wanta geessu, jiruu Keenya bareechifachuuf jennee itti fufuu hin qabnu”.

Hayyuun *Daalaas* jedhamu ministera haaja alaa Ameerikaa duraanii kan ture kitaaba isaa (lola moo nageenya) jedhu keessatti rakkoo qaroomina warra dhihaa keessa jiru itti akeekee jira. “Hawaasa keenya keessatti wanti wahii karaa dogoggoraa keessa deemaa jira, Osoo akkas hin ta’inii rakkoo fi haala lubbuu teenna amma keessa jirtu kana keessa hin seennu ture”. Akka ilaalcha isaatti guddinni qabeenyaa fi firiiwwan qarooma warra dhihaa humnasa isiitiin ala ol-fuudhanii laaluun rakkoon hafuuraa (ruuhii) ijoolleen qarooma kanaa himatan akka deegumsa ta’e mirkaneessa. Ammas akkana jedha “afaan guuttannee guddina qabeenya akka galmeessine dubbachuu ni dandeenna. Akkasuma oomisha gareetiinis akka sadarkaa guddaa irra geenne ibsuu ni dandeenna. Baayi’inna lakkoofsa konkolaataa, raadiyoo,

teklevijiinaa, fi kkf kan hawaasni keenna qabu hedduu oomishnee jirra. Garuu dubbii kana humna isaatii ol guddifnee haasawuun moggaa hafuuraatiin deeguu keenna mirkaneessa”.

Akka ilaalcha Daalaasitti qaroomni warra dhihaa waan isa bira jiru hundaa waan kenneef, hawaasa addunyaa rakkoon isaa kokkee geette kanaan waan jedhu hin qabu. Ammas akkana jedha “yoo wanta hanga ammaatti ummataan jedhaa tureen ala waan nama hawwatu jechuu hin dandeenne ta’ee, buufata raadiyoo biroo kan sagalee Ameerikaa jedhu hundeessuun bu’aa tokkollee hin qabu,.”

Yoo hayyoonni akka *Kaarilii fi Daalaas* dhalli namaa qarooma warra dhihaa irraa akka abdii kutachuu qabu beeksisan, filoosoofiin biyya Ingiliiz Birtaraand Risiil immoo qaroomni warra Dhihaa dhala namaa masakuu irraa dirqamaan bakka akka gadi dhiisuuf deemu beeksisanii jiru. Kunis bakka bu’aa qarooma warraa dhihaa fi masakaa dhala namaa kan ta’an namootni adiin xumurri ol’aantummaa isaanii akka dhihaate mul’isa. Wsa’ee kanaas Riisil Akkana jedhuudhaan dubbata “jarraan namni adiin keessatti mootii ta’u dhumatee jira, mootummaan inni kanaan dura qabu suni seerota uumamaa keessa hin jiru. Akka ani yaadutti namni adiin guyyoota jarraa afuriif darban keessa jiraataa turee kanaan booda waan jiraatu natti hin fakkaatu. Namni adiin qarooma warra dhihaa urjiin kufaatii isaa amma mul’attee kanaaf bakka bu’aadha. Hayyuun *Risli* hoongoo ilmi namaa qarooma warra dhihaa kana irraa isaan muudate kana akkana jedhee dubbata “bineensonni addunyaa keennaa gammachuu fi badhaadhinaan haguuggaman, ilmi namaa immoo

gammachuu kana bineensota caala haqa godhata. Garuu addunyaa ammayyaa kana keessatti gammachuu kana irraa kan dhooggamee jira. Guyyaa har'aa kana keessatti gammachuu fi badhaadhina kana argachuun hedduu ulfaatee jira."

Hayyuun *Deniis Doorjimoon* jedhamu namoota (hayyoota) Awurooppaa faarsuun beekkamuudha. Akkasuma akka qaroomni warra Dhihaa bifa waaraa qabeessa ta'ee, addunyaa tana masaku warra barbaadu keessaa adda duree yoo ta'u, sagalee akeekkachiisa kufaatii qarooma warra Dhihaa jettuu tana yeroo hedduu ni himata. Akka murtii hayyuu kanaatti jaarraan 20ffaan guddina qarooma warra Dhihaa muldhisa. Hoggansi isaa addunyaa hunda waliin gahuudhaan oomishaa fi oomishitummaa addunyaa ni dabala jedha.

Garuu yeroma sanittuu namoonni kufaatiin qarooma Awurooppaa akka dhufaa jiru himan hedduudha. Lakkoofsi namoota akkanatti raaganii immoo yeroo irraa gara yerootti dabalaa dhufee jira. Wanti akka dubbii xiinxallinu ni taasise, raagni kuni hayyoota warra Awurooppaa irraa dhufuu isaati. Silaa kan hayyoota kana irraa ni eeggama jedhamee yaadamu faca'iinsa qarooma Awurooppaa biyyoota addunyaa hunda keessa tamsa'ee mul'atee kana ture. Barbaachisumma faca'iinsa qarooma kanaa ibsuu ture. Garuu isaan ifa dhabuu qarooma warra Awurooppaa irraa haasawuu filatanii jiran. Kunis rakkoon cimaan jiraachuu akeeka.

Hayyuun *Bool Faaliirii* jedhamu walaleessaa biyya Faransaay yoo ta'u sochii xiinxala Awurooppaa keessatti shoora guddaa

nama qabuudha. Waraana addunyaa tokkoffaa booda bara 1919 jecha beekkamaa isaa fayyadamee akkana jechuun lallabe. “Qarooma biraa irraa yoo kaanee qarooma keenna laalle akka nuti nama du’aa taane beekkamaadha.” Ergasiis itti dabale akkana jedhe “wanti nuti amma hubachuun nurra jiru, guddinni seenaa kan argamu baldhina addunyaa hunda of keessatti qabatee hammattu qabaachuudhaani. Nuti kan nutti dhagahamuu qabu dadhabinni nama dhuunfaa keessa jiru qarooma keessas akka jiruudha.”

Hayyuun *Foolaanii* jedhamu, xiinxallitoota Awurooppaa keessaa nama cimaa yoo ta’un, waa’ee xumura qarooma warra Dhihaa irratti yaadni inni lafa kaayee darbeen yaada hayyuu *Faaliirii* jedhamuun wal fakkaata. Innis akkana jedha “Meeshaa bareedaa harki ilma namaa uume san maaltu itti galee? Iddoon *Niinooyi,* dhaabni *Baabil* gamoowwan *Barsiibooliis* eessa deeman? Wanti nama aarsu bakkeewwan qaroomni kunniin itti argaman daawwadhee badiinsaa fi barbadaa’insa malee homaa hin argine. Maaltu beeka tariitii laggeen kana moggaatti namni imalaan akka kiyyaa gara fuulduraatti *siinii* fi *taayimzi* hanbaalee caccabduu guddinni qarooma kanaa itti jijjiirame gubbaa taa’ee booyuutu mala.”

Filoosoofiin biyya Jarman *Heejal* jedhamukan seena falaasama hammayyaa biyyoota Dhihaatti namoonni hedduun isaa hordofaniidha. Hayyuun kuni abbaa xiinxala jecha beekkamaa (hawaasni hunduu imala seenaa keessatti akka nama dhuunfaatitti ilaalama) Jedhuuti. San booda hunduu akka nama dhuunfaatti seera guddinaa fi dagaaginaatiif yoo jilbiiffatu, duuba

isaatiin gaarri waan jiruuf xumura irratti kufaatituu isa mudata. Osoo tiyoorii wal nama mormisiisu kana hojii irra oolchuuf yaalii goonee laallee, wal jijjiirraan qarooma hedduu kan argameen, qarooma kufe ykn kan kufutti jiruu fi qarooma gara fuulduraatti kufuuf deemu arganna. Kunis dhiibbaa seeraa irraa waan dhufuuf kufaatiin armaan olitti dubbannee kun qarooma warra Awurooppaa kanas kan makatu ta’a.

Hayyuun *Koolan Walsoon*kitaaba isaa (kufaatii qaroomaa) jedhu keessatti qarooma warra dhihaa qeeqee ture. Kitaaba kana abbaan kitaabichaa kaayyoo isaayeroo ibsu akkana jedha. “Kaayyoon kitaaba kanaa guddaan, amantii kiristaanaa rakkoo isii muudatu furuufhariiroo dhimma ammayyaa nuti keessa jiraannuwaliin qabdu dhabdeejirti jedhee kan ibsuudha.”

Akka ilaalcha hayyuun *Walsoonitti* jedhamutti, qaroomni kamiyyuu guyyaa wahii burjaaja’iinsa keessa seenuun isaa waan hin hafne. Qaroomni warra Dhihaas sadarkaa kana irra gahee jira. Burjaaja’iinsi kuni gara kufaatii ykn gara dagaagina guddaatti dabaluu danda’a. Wantibeekkamaan hanga har’aatti jiru, qaroomni kamiyyuu rakkoon akkanaa isii muudatee kan beey’ee dandamate hin jiru. Seenaan ijaarsa gurguddaa qaroomni kanaan dura kufanii irratti qorannoo taasisuudha. Kunis akkuma ijaarsa qaama bineensonni dhaldhooloon akka *daayinoosarsi* yeroo du’an of duubatti hanbisanii fakkaata. Amantiin lafee duugdaa qarooma kamiitiiyyuyoo ta’u garuu warra dhihaa biratti amantiin, mana sagada kiristaanaa keessatti gogee hafe.

Filoosoofni Ameerikaa beekkamaan *Joon Diiwaayi* akkana jedhan“Qaroomni beekkumsaafi duudhaa namoonni irratti wal beekan akka deegu hayyamuu fi beekkumsi immoo duudhaa haarawa uumuudhaaf gahumsa qabe jedhamee yoo itti hin amanamane ta’e matama ofiitii of balleessa.”

Bara 1970 keessa hayyuun *Riinih Dooboo* jedhamu kitaaba isaanii (*So Human An Animal*) jedhu barreessee ture. Dr Nabil Xawiil bamni jedhamus kitaaba kana, gara afaan arabaatti maqaa (namummaa namaa) jedhuun hiikkee ture. Abbaan kitaaba kana barreesse nama cimaa fi badhaasa hedduu argate yoo ta’u san keessaa badhaasa addunyaa *Noobelti*. Kitaaba Hayyuun kuni barreesse kana gaazexaan *Alobizarfar* jedhamu akkana jechuun ibse, (kitaabni kuni haleellaa barbadeessaa gamtaawwan sooratootaa fi industirii karaan gammachuu fi durummaa dhugaatti nama geessa. Tuulamiinsaa qabeenyaa fi teknoolojiiti jedhanii yaaduu isaaniiti jedhe.)

Abbaan kitaaba kana gara afaan Arabaatti hiike seensa isaa irratti akkana jedha. Hayyuun *Dooboo* jedhamu kuni gamtaawwan qabeenyaa sodaan isaan irratti mooye, irraatti qeeqa hamaa fi haleellaa cimaa baneejira. Ilmi namaa teknoolojii hammayyaa simachuu himata.Hawaasa warra Dhihaa biratti namni namummaa dhabee, seera uumaa fudhachuu didee, naannoon faalamee, uumamni barbadaahee meeshaan (gooftaa gabbaramu) ta’ee jira.Warri dhihaa erga iimaana ofii dhabee fi hafuura ofii balleessee dhiphinni sammuu fi jeeqamni lubbuu isaan moo’atee jira.

Akkana jechuun haasawa isaa itti fufa, ani kitaaba kana wanti hiikeef waa lamaafi:-

**Tokkoffaan**: wanta kitaaba kana keessa jiru hawaasa warra dhihaa qarooma qabna jedhanii dhaadataniif ifa taasisuudha. Kunis damee kaappitaalizimii fi sooshaalizimii of keessatti hammata. Akkuma namoota isaanii irraa ragaan itti bahame qaroomni warra dhihaa barbaadaahaa fi ijji isaa baduuf kan kaloofteedha. Bulchaan ganda (Kaliifilandan) biyya Ameerikaatti akkana jedhe: "Yoo nuti dafnee dammaqne malee, seenaan gaaf tokko akka dhaloota ilma namaa ji'a irra baasee, ta ofiitii hanga jilbaatti wantoota fokkattuu fi gadhee ta'an keessa lixeetti nu dubbachuuf jira."

**Lammaffaa:** ilaalcha mootummoota biyyoota Arabaa akka isaan dhimma guddinaa fi diinagdeetiin hin sobamneef yaada isaanii harkisuudha. Kunis akka isaan qorannoo gadi fageenyaa fi hubannoo gahaan ala warra dhihaa jala hin masakamneef isaan qarqaara. (Guddinni hundi qaroomaa miti. Akkuma ministeerri haajaa alaa Ameerikaa duraanii *Koordal hal* jedhanitti Ololli guddinni qarooma jedhu karaa barbadaa'insaati. Gara ijjannoo ilma namaa kan teknoolojiidhaf hin jilbiiffanneetti deebi'uun, duubatti hafummaa ykn injifatamuudhaa miti. Inumayyuu ijjannoo carraaqqii fi tattaaffii gootummaadhaan guutamteeti. Kunis akka ilaalcha *dooboo* tti).

Hayyuu fi seenessaan *Jiiboon* qorannoo seenaa ammayyaa keessatti bakka guddaa kan qaban tilmaamaan waggaa 200 dura

jala sararee wanti inni hime qaroomni warra Awurooppaanotaa xumura jaarraa 20ffaa irratti akka kufu raagee jira.

Hayyuun *Duus Haaksalii* jedhamu immoo jaarraa nu amma keessa jirru kanatti ilmi namaa meeshaan soorataa jiru, Inumaayyuu jaarraa nu keessa jirru kanatuu isa soorataa jira jedhe. Namni dalagaan qabamaa ta'ee jira. Namummaan isaa gadi deebitee jirti. Ilmi namaa qilleensa sodaa keessa jiraata jedhee lafa kaaye. Hayyuun kun Asoosama mata duree (riqicha diigamuuf deemu) jedhu keessatti akkana jedhe "kaayyoon kiyyaa hubannoo faallaa qarooma hollattuu tanaa uumuudha, sana booda isii gubuu fi qulqulleessuudha." jedhee barreesse.

Barreeffamootaa fi kitaabota gurguddoon waa'ee qarooma warra dhihaa irraa barreessan heddutu jira. Fakkeenyaaf: (bakkeewwan summaawan), kan barreesse *Turuumaan Kaaboot,* (xiqqeeffannaa ilma namaa) kan barreesse, *Wiiliyaam Saarooyaan,* (duula wallaalamaa), kan barreesse *Miishel Oonaald,* (Awurooppaa roobaan booda), kan barreesse, *Alaan Buuznasan* (saa'atii diigdamii shanaffaa) kan barreesse *Konistaantaan Joorjiyoo* jedhama. Kitaabotaa fi barreeffamoota kanniinii keessatti balaaleffannaan qarooma warra Dhihaa hedduminaan himama. Yookiin waan tokko tokko isa keessaa balaaleffatan, yookiin immoo rakkoo qarooma kanatti dhufaa jiru irraa akeekkachiisa kennan. Yookiin immoo qaroomni warra dhihaa kuni karaa badiinsaa irra akka jiru itti murteessan.

Hayyuun *Viilaa Sibaazan* jedhamu immoo akkana jedhe "Abuurraan nama ajaa'ibsiisu kan warri Dhihaa taasisan hundi

isaaniituu, harca'iinsa imimmaan tokko qoorsuu ykn seequu wahii uumuu hin dandeettu. Akkasuma ummatoota kabajaa aadaa fi duudhaa Islaamaa qabatanii hanga yeroo ammaatti ittiin dhaadatan hin gahu. Dhaadannaan hawaasni kuni taasisu immoo abjuu warra Dhihaa dhala ilma namaa kana gara bineensummaa fi ol'aantummaa qabeenyaan masakamuutti kakaastu tana, xumura isaa kaayuuf kan godhamuudha.

Ji'a hagayyaa bara 1982 tti gaazexaan *Heeraald Giribiyuum* jecha ogeessa fayyaa biyya Awustaraaliyaa tokko mata duree (koleeraa dhumaa kan waa barbadeessu) jedhu jalatti, akkana jedhee barreessee ture, ogeettiin fayyaa tuni ogeeyyan fayyaa biroo wajjiin faallaa meeshaa nikularaa dalagaa jiru.Akka yaada ogeettii fayyaatti"Lolli meeshaa nikulariitiin taasifamu mooyataa fi mooyatamaan hin qabu. Sababni isaa naannoleen namoonni jiraatan tokko tokko xumura irratti ni laamsha'u, naannoo tokko tokko immoo namoonni muraasni keessatti hafanii rakkoo cimaa fi gubatiinsaaf saaxilamu. Dandamatanii jiraachuun isaanii rakkoo guddaadha". Lola niikularii fuul duratti ni ta'a jedhamee eeggamu maqaa *koleeraa barbadeessaa* itti moggaafate.

Hayyuun *Roobarti hiya yuunivaristiiMaarkeet* barsiisaa seenaati. Innis akkana jedha, "Ameerikaan bara 1981 tti addaan faffacaatuu turte. Wanti hedduu amma nu yaachisu miirri jiruu hawaasummaa nutti dhagahamuudha. Salphamatti wanti nu hubannu biyyi Ameerikaa jedhamtu tuni miira afuuraa dhabuu isaati. Namni dhuunfaa homa tokkoonuu walitti hidhata hin qabu. Maalummaa ofii barbaada. Dalagaa isaa keessa, oguummaa fi guddina diinagdee keessa eenyuummaa ofii barbaada. Akkasuma

mallattoo addummaa isaa fi muuxannoo isaa eennu akka ta’e beekuuf tattaafata.”

Qeesiin beekkamaan *Jeeyrii Falwal* jedhamu kitaaba isaa mata duree (dhagayi yaa Ameerikaa) jedhu keessatti akkana jedha, “Istaatiksiin nama rifchiisu maatiin diigamuu, dubartiin garaa of baasuu, jaarsaa fi jaartiin addaan bahuu, sagaagalumaan faca’uu, araadni baay’achuu fi nama ajjeesuun heddummaachuun na biratti galmeeffamee jira. Ani reeffa namaa fi lubbuuwwan namaa balleeffaman hedduun argaa jira. Biyyi Ameerikaa jedhamtu tuni yoo jaarraa 20ffaa keessa baduu barbaaddee malee, amantii fi amala gaariidhaan daddafanii lubbuu isii baraaruu barbaachisa.

## BIYYOOTA DHIHAATTI TAATEE LUBBUU OFII BALLEESSUU

Biyyoota Dhihaatti amala namni lubbuu ofii balleessuu kana laaluun wanta akkaan barbaachisaa ta’etti kan akeekuu fi haala dadhabinaa fi abdii kutannaa namoonni beekkamoon keessa jiraatan irratti akeeka.

Bara 1942 tti namni asoosama barreessuun beekkame *stiifaan Zafaayij* jedhamu biyya biraazilitti halkan cidha *Rayyoo Adii Janiiroo* irratti haadha manaa isaa waliin summii nyaatee of ajjeese. Kunis kan ta’e seenaa isaa kan xumuraa keessatti akkan jedhee erga barreessee booda: “Addunyaan nuti amma keessa jiraannu kun wanta hedduu nu barbaannu nuu qopheessuu hin dandeenne. Yeroma kanatti garuu nutis wanta kamiyyuu jijjiiruudhaaf hirmaannaa wahiituu hin taasifne. Addunyaa

teenna tana keessatti lubbu dhabeeyyii fi yaadannoo qofa taane jirra” jedhe.

Bara 1949 artistiin biyya Jarman *Kalaawus Maan*, ilma barreessaa *Toomaas Maan* magaalaa biyya Faransaayi tan *Kaan* jedhamtu keessatti of ajjeesse. Erga inni du’ee abbaan isaa hiriyyaan abbaa isaa *Istiifaan Zafaayij* jedhamu abbaa ilma kana barreeffamaan obsisiise. Barreeffama obsa isaa kana keessatti akka waan sababa artistoonni of ajjeessaniif gaafatuuti. Sababni inni argate aartiin qophaa xiinxaluu fi addummaan namatti dhagahamuu irraa akka ta’e beeksisee jira.

Bara 1950 tti artistii biyya Xaliyaanii *Siinizar Baafizaah* hoteela keessatti of ajjeese. Kunis muummee aartii biyya Xaaliyaanii erga gahee, asoosama dheeraa mata duree (dalagaa jiruu) jedhu erga barreessee booda. Asoosama kana irraa hafuura du’aa fi lubbuu ofii balleessuutu ajaawa.

Bara 1961 tti of ajjeechaa aartistii *Irnasti Hamanjawaayi* jedhamuun beekkamu Ameerikaa fi addunyaan guutuun sochoote. Namni kun erga biyya Ameerikaa fi Ameerikaan alattis beekkamee booda xumura jiruu ofii harka ofii keessa kaayate. Beekkumtiin inni argate kuni hiriira artistoota addunyaa keessa akka galu isa taasisee jira.

Bara 1978 tti barreessaan biyya Faransaay beekkamaan *Jaan Imrii* jedhamu of ajjeesse. Artistiin kuni jiruu isaa guutuu karaa xiinxala barsiisaa isaa *Hayinrisha Foon Kilaayis* jedhamu kan

bara 1811 tti of ajjeese hordofuun waan aartii du’aa irraa haasawaa ture.

Artistiin *Jaan Imrii* jedhamu kuni bareessaa cimaa aartistoota Awurooppaa keessaa naamusa of ajjeesuu irraa haasawuu nama danda’uudha. Kanaaf maqaa (nama addaa) jedhu itti moggaasan. Yeroo barattoonni isaa gaafii qoosaa sababa inni of ajjeesuu irraa dheessuuf gaafatanii fi kitaaba isaa beekkamaa (gorsa Koo of ajjeessuu irratti) jedhuu barreessee barattota isaatiif akkana jedhee deebiseef, “obsaa yaa hiriyyoota koo obsaa mee.” Guyyaa agarsiisa kitaaba addunyaa magaalaa *Firankifoorti* jedhamtu keessatti bara 1978 aartistiin *Jaan Imrii* jedhamu of ajjeesee; waan kanaan dura jedhaa ture mataa ofii irratti dalagaa irra oolche.

Bara 1980 tti  walaleessaan biyya Jarman dr *Haanz Baayer* walaloo isaa keessatti maqaa *Tarwal* jedhamuun kan beekkamu cidha irratti lubbuu isaa galaafate.Bara dhaloota isaa 61ffaa irratti itti yaadee  kiniinii nama raffiftu hanga barbaachisuu ol  nyaatee, uffata haarawa uffatee, abaaboo siree irratti of ajjeese irra facaasee lubbuu ofii galaafate. Walaleessaan kuni du’a isaatiin dura hiriyyoota isaatii xalayaa obsaa akkana jedhee bareesse “Hiriyyoota koo kabajamoo du’a kiyyaan sirna awwaalchaa fokkattuu san dursee jira, argaa nama na gaggeessuu fi qilleensa yaaraa reeffatti marsee jiru sanas dursee jira,”

Bara 1983 tti hojjataan ykn tajaajilaan barreessaa beekkamaa biyyaa Ingiliiz *Aarsar Koosttalar* yeroo kutaa gooftaa isaa seenu, teessoo isaa filatamaa yeroo hunda irra taa’ee kitaaba dubbisu

irraatti kan lubbuu ofii balleesse arge. Akkasuma mooggaa isaatti haati manaa isaas kan of ajjeefte arge. Kun hunduu beekkaadhaan akka ta'es mirkaneessee jira.

Paampileetiin biyya Ameerikaa *Tayim* jedhamtu of ajjeechaa *Koostalar* fi kitaaba isaa xiqqoo mata duree (qajeelcha mataa ofii bilisoomsuu)jedhu kan bara 1981 tti gurmii biyya Ingiliizii miseensota kuma saddeetii oli qabu maxxansiiseen wal qabsiistee barreessite. Kitaabani kuni waa'ee lubbuu ofii galaafatuu irratti ibsa adda addaa of keessaa qaba. Akkuma paapileetiin kuni jedhutti kitaabni kuni nama dinqisiisa qaba. Barreeffamni akkanaa kuni bifuma wal fakkaatuun biyyoota Ameerikaa fi Awurooppaa keessatti afaanota adda addaatiin barreeffamuun dabalaa dhufee jira. Kunis kan ta'e gumiin namni akka lubbuu of balleessuuf kakaasan hedduummaachuu waliin. Isaanis hanga gumii kudha saddeetii oli gahanii jiran.

Biyya Ameerikaatti bara 1984 tti xumurri istaatiksii namoota addunyaa irratti lubbuu ofii balleessan gabateen reeshoo biyyootaa bahee ture. Deenmaarki, Neemsaa, Jarman Dhihaa, Siweesraa, Suweed, Jappaan, Faransaay, Kanaadaa, Poobland fi Ameerikaan wal duraa duubaa sadarkaa qabatanii jiru.

Wanti asitti xiinxalamu biyyoonni kunniin irra caalaan isaanii haala jiruu qabeenyaatti, sadarkaa gaarii irratti argamu. Biyyoota kanniin keessaa milkaa'ina bira taree, hanga badhaadhinaa kan gahanitu jiru. Kanuma waliinuu namoota lubbuu ofii balleessan yeroo irraa gara yerootti dabalaa dhufaa jiru. Kana irraa kan ka'ee

qorataan kamiyyuu maaliif akka isaan of ajjeessan? gaafii cimsee gaafata.

Tariitii namni kamiyyu ni yaadata yoo ta'ee, laatin Ameerikaa keessatti lammiiwwan Ameerikaa kuma tokkoo ol ta'an xumura bara torbaatameessoo keessa lubbuu isaanii balleessanii jiru. Dargaggootaa fi shamarran namicha dham'aa wahii duuka masakamanii lubbuu jiraachisuuf jedhee kijibee kubbaayyaa isaanii keessa summii kaayee nama hundaaf erga kennee booda akka yeroo tokko hanbuuqqataniif isaan ajaje. Yeroo sanitti televijiiniin Ameerikaa xayyaara biyya isaanii reeffa namoota lubbuu ofii balleessanii yeroo gara maatii isaaniitti geessitu argisiisee ture.

Qorataan kamiyyuu wanti qajeelatti bira dhaabatee ilaaluu isaa barbaachisu gara qaroomni warra dhihaa kuni deemaa jiru beekuudha.Bara 1977tti magaalaa Niyoowarki keessatti ifaan addaan cittee yeroo dheeraadhaaf turte, yeroo ifaan addaan citte kana keessatti hordoffii fi nageenyi dhabamnaan,akkasuma poolisoonni dalagaa isaaniitiin dhaabachuu dhabnaan maaltu uumamee? Yakka saamaa, hannaa fi ajeechaatu bifa ol'aanaa ta'een waan yeroo kaan uumamu caala dacha hedduun dabalee uumame.Miirri alaan rakkoo kana irraa nama dhoowwu dhabamnaan, miirri keessa namaa dadhabaa ta'uun ifa bahe.

Naamusni dalagaa, bifti qaroomaan namoota wajjiin jiraachuuf taasisan naamusa kijibaa fi qarooma dharaa ta'uun ifatti bahe. Dhimbiibdonni dharaa kufanii, roobni lolaa qabu roobee, waraabeessa dhugaa ilma namaa waliin jiraatuu irraa

haguuggii mulqe. Idaa isaan ni hatan, ni ajjeesan, ni barbadeessan. Isaan irraa namoota waan barbadeessuun barbaachisu osoo hin hatiniin dura barbadeessutuu jira. Isaan irraa immoo kan iddoowwan daldalaa diiguudhaan olla cinqee saniin gammadutu jira.

*Niksoon* yeroo pirisdaantii Ameerikaa ta'ee filatametti haasawa isaa kan jalqabaa keessatti akkana jechuu hin saalfanne. "Nuti meeshaa qabnukana ilaaluudhaan akka dureessaa of goonus garuu hafuuraan (ruuhiidhaan) cicciramtoota. Yeroo gabaabaa keessatti ji'a irra bahuu ni dandeenna. Garuu dachee irratti dadhabbii guddaa keessa naannofna."

Mootiin *Diijool* kan biyya Faransaay duraanii akkana jedhe "hawaasni Awurooppaa keenna kuni guddina saayinsii kana jalatti wanta akkaan barbaachisaa ta'e dhabdee jirti. Sunis namummaadha. Jechuun safuu afuura ol'aantuu ilma namaa jechuudha.Qaroomni keenna haada hamilee cimtuu ilma namaa wal wajjiin walitti hiitu san kukkuttee jirti. Miirrii keenna goggogee, sonaa fi safuun keenya diigamee jira".

Pirasdaantiin *Diijool* biyyi isaa hariiroo biyyoota Islaamaa fi Arabaa wajjiin cimsachuu qabdi yaada jedhu irratti gaafii yeroo gaafatan, akkana jedhee deebise. "Akka ani yaadutti biyyoota Islaamaa fi Arabaa wajjiin hariiroo cimsachuun waan isaan sona fi namummaa ofii, kan nuti dhabne kana eeggatanii qabaniif, nu fayyada jedheen ilaala. Akkasuma boolla qaroomni keenna itti nu darbuuf deemu kana irraayis nu baraarti jedheen yaada. Kanaaf

ani gama kiyyaa hariiroon Faransaay biyyoota Islaamaa fi arabaa wajjiin qabdu akka cimtu barbaada.”

Pirasdaantiin *Diijool* sagantaalee adda addaa irratti tokkummaan Sooveetii rakkoo qaama isaa ciiccirtuu keessa akka jiru beeksisee jira.Rakkoon kuni immoo guyyaa wahii akka dhootus dubbatee jira. Ameerikaanis rakkoma wal fakkatuun qabamtee jirti. Mootiin kuni akkana jedhee gaafii of gaafate, sila amantiin Islaamummaa waldhaansa dhukkuboota qarooma kana argachuu ni dandeetti?

Sagaleewwan gaggaarii dirree xiinxalaa irratti hanga baratame oli bira dhaabatanii ilaaluun barbaachisu keessaa hayyuu waa’ee filoosoofii Faransaay kan *Jaaroodii* kan jedhamuu fi nama siyaasaa biyya isaa Faransaay qofa keessatti osoo hin taane addunyaa guutuu irratti. Namni kuni jiruu isaa gabbinaa fi badhaadhina keessatti dabarse, biyya Faransaayitti waan dhalatee guddateef akkuma namoota biroo, itti amanee fi dalagaan argisiisee osoo hin taane, aadaa fi dhaalaan amantaa kiristaana warroota hordofan keessaa waan ta’eef. Kanaaf anamtaa kiristaanaa dhiisee dheessuun *sirna sooshalizumii ta’uun* isaa hedduu nama hin dinqisiisu. Paartii *sirna sooshalizumii* keessatti xiinxalaa fi tartiiba qabachuunis sadarkaa guddaa irra gahee ture. Paartii kana biratti kitaaboota dubbifaman fi jaalataman hedduu barreessee jira.

Garuu suuta suuta jedhee warruma *sirna sooshalizumii* kanaayyuu mormuu eegale. Gaafa tokko gorsa isaa keessatti warra *sirna sooshalizumii* falaasama isaanii amantiindhaan akka

gabbisan itti hime. Keessumaayyuu amantii Islaamaa ta'uu akka qabu jala sararee dubbate. Yoo akkas hin taane mataa ofii irraatti maseenummaa akka labsites akeekkachise. Yaadni akkanaa kuni isaa fi hiriyyoota isaa jidduutti diinummaa uumuudhaan hiriyyaan isaa tokko kitaaba faallaa *Jaaroodii* mata duree (falaasama diddaa) jedhuun akka barreessu taassise.

Hayyuun *Jaaroodii* jedhamu kuni osoo of duuba hin deebine karaa isaa qabatee dubbii dhugaa barbaaduu fi Islaamummaa qorachutti hanga dhugaan ifa galaan isaaf mul'atutti jilbiiffate qorannoo isaa itti fufe. Kunis dhimma ilma namaa dhuunfaas ta'ee gareedhaaf karaa sirrii akeekee jira. Bara 1982 tti amantaa Islaamaa qabachuu isaati labse.  Kana booda bifa ifa gala ta'een qarooma warra dhihaa qeequu eegale. Gara biraatiin immoo nama Islaamummaatti waamuu fi mirga hawaasa Muslimaa fi Arabaa irraa deebisu ta'ee argame. Ammas rakkoo fi qormaata qaroomni warra dhihaa yeroo ammaa kana keessa jiraatuuf furmaata kan ta'uu qarooma Islaamummaa akka ta'e lafa kaayee jira.

*Alaksiis Kaariil* hayyuun jedhamu fuula galata kitaaba isaa kan mata duree (ilmi namaa wanta wallaalama sani) jedhu irratti akkana jedhee galata isaa barreesse. Kitaabni kiyya kuni kan galata galchuuf "namoota lubbuu isaanii keessatti gootummaa gahaa qabaatanii jijjiirama sammuu, siyaasaa fi hawaasummaa fiduu qofa osoo hin ta'in, jijjiirama qarooma oomishuu fi xiinxala ilma namaa gara fuul duraatti oofuuf gargaaru, namoota hubataniif galata galcha jedhee barreesse." Dhugaa dubbachuudhaaf hayyuun *Jaaroodii* jedhamu kuni gootummaan jalqabaa inni argate amantiin Islaamaa sirriidha jedhee fudhachuu

isaati. Gootummaan lammaffaa hayyichi kuni qabu amantaan Islaamaa qarooma hunda kufaatii irraa dandamachiisuu ni danda’a jedhee murteessuu isaati. Kuni immoo kan fudhatamu akka (xiinxala haarawa dhala namaa duratti oofuutti). Kunis waanuma *Kaariil* itti waameen wal fakkaata.

Hayyuun *Jaaroodii* gaaddisa qarooma warra Dhihaa jalatti wantoota ilma namaa barbadeessutti akeekan hedduu tarreessee ture: isaanis bakka afuritti qoode:

1- Ol’aantummaa guddina qabeenyaa fiduu, daddaffiidhaan oomishitummaa dabaluu Wanti oomishamu kan nama ajjeesuu, jiraachisu, faayidaa qabuu fi nama miidhus yoo ta’ee wanni guddaan oomishini argamuudha.

2- Siyaasaa hariiroo hawaasummaa keessaa fi alaa walitti qindeessitu. Siyaasaan kunis kan wal-dhahiinsa bu’aa irraa dhufe waan ta’eef cunqursaatu keessa jira.Kunis ol’aantummaan jidduu namoota dhuunfaa fi hawaasaatti akka uumamu taasisa.

3- Qaroomni hiikkaa fi kaayyoo hin qabne jiraachuu, teknoolojiin teknoolojiif, barnoonni beekkumsaaf, aartiin aartiif, jiruun kaayyoo maleefi jedhu babaldhachuu.

4- Amantiin of jajiinsa irraa qulqulluu taate, kan namummaa namaa bakka buutu jiraachuu dhabuudha.

Ammas *Jaaroodii*n akkana jedha. “Addunyaa irratti meeshaa waraanaa oomishuun heddummaataa dhufee jira. Bara 1982 tti biyyoonni warra dhihaa oomisha meshaa waraanaa kanaaf

mallaqa doolaara biliyoona 650 baasan. Kunis namoota addunyaa kana irra jiran hundaaf osoo raabsamee boonbii toonii afuriin wal madaala. Kana jechuun seenaa keessatti yeroo jalqabaatiif lubbii qabeeyyii hunda lafa irraa dhabamsiisuun ni danda’ama jechuudha. Baruma wal fakkataa kana keessaa (1982) ilma namaa miliyoona shanii olitu biyyoota addunyaa sadaffaa keessatti haala jiruu yartuu fi beelaan dhumaa ture.

Kunis wanti inni mirkaneessu wahii yoo jiraate addunyaan teenna tuni osoo itti hin yaanne karaa jallinaa keessa akka deemaa jirtu kan akeekuudha. Dubbiin jiru amma, akkamitti addunyaa tana nagaha baafna kan jedhuudha. Akkamitti qarooma warra dhihaa kana jalaa baana? Akkamitti karaa sirri filannee ilmi namaa uumama wajjiin walii galee akka jiraatu goonaa? Gara biraatiin immoo ilmi namaa, nama akka isaa wajjiin haala gaariidhaan akkamitti waliin akka jiraatu gochuu dandeennaa? Ergasii immoo Rabbii guddaa isaa waliin akkamitti akka jiraatu goonaa? Deebiiwwan gaafii kanaa argachuun kaayyoo guddaa marii qaroomaa irraa eeggamuudha.

Bara 1982 tti gaazexaan *Neyuwarki tayimsi* barreeffame qorannoon adda addaa faca’iinsa yakkaa, maatii diiguu, ijoolleen manaa dheessuu, dhukkubni *Haarbiiz* jedhamu babaldhachuu irraa hedduminaan barreessaa turanii jiru. Wanta gaazexaan kuni barreessee keessaa “dhaabbileen haaromsaa guddatoota kanniin haaromsuuf tattaaffii taasisaa jiran inumaayyuu mana barumsa yakka isaan barsiisu ta’anii argamanii jiru. Dhaabbilee kanniin keessatti akkaataa araadaa baratanii, sagaagalummaa fi nama itti

ajjeesan wal leenjisanii bahan. Yeroo ammaa kana dhaabbileen kunniin dhimma kana irratti hedduu rifannaa keessa jiran.

Yeroo pirasdaantii biyya Ameerikaa *Riijaan* ajjeesuuf yaaliin taasifametti akka istaatiksiin biyyattii ibsutti, daqiiqaa 24 keessatti yakki nama tokko ajjeesuu ni raawwatama. Sakandii kudhan keessatti mana tokko cabsanii hatuun ni raawwatama. Meeshaalee waraanaa bilisaan gabaa irratti gurguraman keessaa nama tokkoof shugguxii afurtuu gaha. Sakandii 13 keessatti meeshaa waraanaa tokkotu gurgurama.

Hayyuun *Jooseef kamileerii* jedhamu kitaaba isaa (burjaaja'iinsa qaroomaa) jedhu keessatti harka isaatiin *qartuu* qabatee garaa qaroomaa fi aadaa warra dhihaa kana baqaqsee laalee jira.Yeroo sanatti madaa qaroomni kuni qabu hedduu akka arge ni dubbata. Sanneen keessaa akkuma dr Feeysal Saamiriin namni kitaaba hayyuu kanaa afaan Arabaatti hiike jedhanitti "teknoolojiin sila ilma namaa gabrummaa qabeenyaa fi adeemsa durii jalaa ni baasa jedhamee yaadamu, rakkoo ilma namaa heddummeessee jira."

Barataan gara araadaatti yoo qajeele, namni sodaachisaan, qananii dharaa yoo barbaaduuf yoo fiigu, ijoolleen foddaa fi konkolaataa caccabsuutti yoo gadi taa'an, hundi isaaniituu qilleensi sodaa miira isaanii keessa gadi lixuudhaan nageenyi akka hin jirree fi dhukkubsataa sammuu isaan taasisa. Rakkoon nuti amma keessa jiraannu tuni rakkoo hafuuraa (ruuhii) ilmi namaa keessa jiraatu qofa hariiroo ilma namaa hunda barbadeessiti. Bifa kanaan ilmi namaa wareegama madaalamaa

hin taane kafale. Ilma namaa irraa wanti eeggamu uumamaa fi uumama wajjiin jiraachuudha. Kunis gara oomishaa fi soorannaa dabaluutti waan geessuuf wabii marsaa diinagdee ta'a. Ilmi namaa madaallii wal qixxooftuu hin taane tana keessatti hawaa kana keessatti ga'ee fi kaayyoo dhuunfaa isaa waan dagate fakkaata. Akkasuma dirqama lubbuu ofii, hawaasa isaatii fi naannoo isaas waan dagate fakkaata.

## YAALIWWAN HANQINA QABAN

Hayyoonni xiinxala Awurooppaanotaa hedduun qaroomni warra Dhihaa kuni gara kufaatiitti deemaa jiraachuu mirkaneessanis, garuu irra caalaan isaanii sababa qarooma kana kufaatitti geessaa jiru kana kaasanii bal'inaan hin dubbanne. Akkasuma filannoowwan qarooma warra dhihaa kana bakka bu'anii akka haarawaatti qarooma addunyaa masakuu danda'an irraayis wanni jarri dubbatan hin jiru.

Dhugaadha *Aleeks Kaarlii* dhukkuba qarooma warra dhihaa beekuu keessatti hedduu milkaawee jira.Garuu waldhaansa dhukkuba kanaa ibsuu fi himuu keessatti hedduu wanti inni godhe hin jiru. Adeemsi isaa ilma namaa kana kan dandamachiisuu danda'u ta'ee osoo jiruu, garuu uumaa isa jalqabaatti hin qarqaarsifanne. Adeemsa isaa keessa kan inni irratti bu'uureffate, (ilmi namaa madaallii waan hundaati), ilma namaa gara addunyaa kanaatti kan dhufe hin taasisu, (ilmi namaa wallaala daangaa dabre irratti hin guddatu), inni kan barbaadu adeemsa naannoo humna fi qaama keennaa hin taanee balaaleffatuudha. Naannoon

kuni sammuu fi amala gaarii keenya kan keessatti dhabnu ta'uu hin qabu.

Namummaa dhuunfaas kan balleessu ta'uu hin qabu. Garuu namni dhuunfaa hangam takka akka jiruu hawaasummaa barbaadu hin daganne, hayyuun kun barbaachisummaa qarooma indastirii kana kuffisuu fi yaada haarawa guddina ilma namaatiif ta'u uumuutti amana. Garuu adeemsa dhugaa ilma namaa wajjiin deemu barbaada. Akka ilaalcha isaatti barbaachisummaa saayinsii jiruu xiqqeessuun rakkoo kana dhaluu danda'ee jira. Dubbii kana akkas jedhee ibsa. "Nuti wareegamtoota saayinsiin lubbu qabeeyyii, saayinsii lubbu-dhabeeyyii irraa duubatti hafuuti".

Hayyuun *Daalas* jedhamu adeemsa (ijjannoo ifa galaa hariiroo iimaanni si'aa'Ina jiruu wajjiin qabu) kan jedhu barbaadaa ture.Akkasuma adeemsa (amantii fi amantii dalagaadhaan argisiisuu addaan hin baafne, walitti dhufeenya dalagaa fi iimaanaa kan hin diigne, iimaanni haala jiruu ammayyaa waliin hin deemu jadhanii yaaduu dhabuu), kan jedhus barbaadaa ture. Ammas wanti hayyuun kuni barbaadaa ture, Adeemsa (wanta kamiifuu qabeenyi dursa ta'uu hin qabu. badhaadhinni qabeenyaa herreega sammuu fi afuura irratti ta'u kan hin qabne jedhu ture.

*Daalas* adeemsota kanniin hunda abbootii amantaa kiristaana Ameerikaa bira barbaadaa ture. Hayyoota hafuuraa (ruuhii) biyya isaa keessa jiran biras dhimma kana barbaadaa ture. Isaan biratti dubbii xumuraa argachuu hawwe.Garuu wanti asitti ifa galuu

qabu dubbiin kuni beekkumsa namaatii miti. Kanaaf namni kamiyyuu lallaba *Kariil* awwaachuu hin danda'u. Abbootiin amantaa fi hayyoonni hafuuraa waan isaan beekaniin ala waan ta'eef, lallaba *Daalaas* kanaaf awwaachuu hin danda'an.

Erga qaroomni warra dhihaa hawwii fi fedhii ilma namaa guutuu dadhabuun isaa qabatamaan mul'ata. Adeemsi dachii tana irra jiru kan hayyoonnii fi xiinxallitoonni hedduun itti akeekan wareegama qarooma warra Dhihaa ta'ee argame, qaroomni warra dhihaa garuu kufaatii fi rakkoo dhufaa jiru kanaaf harka maratee ta'ee laaluu malee furmaata hin qabu eega ta'ee, filannoon itti aanuu maaliidhaa?

## FILANNOON BIRAA EESSA JIRA?

Qaroomni warra Dhihaa dameen isaa (kaappitaalizimii fi sooshaalizimiis) burqaa qarqaasa tokko irraa burqiti. Innis xiinxala ilma namaa wanti kamiyyuu sababa samii keessa jiruun walitti hin hiineedha. Caffaa tortoraa kana harka mirgaanis ta'ee harka bitaan keessa seenuun garaagarummaa guddaa hin qabu. Kanaafuu ilma namaa baraaruuf furmaata Ameerikaa, Raashiyaa, fi warroota oorbiitii isaanii keessa naannawan irraa eeguun hin danda'amu.

Waan isiin biyyoota guddatan irraa tokko taateef gara chaayinaa osoo mildhannee, riqichi diimaan gara mooraa bahaatti geessu riqicha biraa gara addunyaakaapitaalizimiitti geessuun bakka buufamuuf diddiigamuu eegaltee jirti. Kana jechuun kanaa fi kaan jidduutti sossootee jirti jechuudha. Kanaaf fakkeenya gaarii ta'uu waan hin dandeenneef filannoo qarooma ykn yaada

filannoo qarooma ta’uu hin danda’an jedhuu keessayyuu hin seenan.

Biyyi Jaappaan sonaa fi safuu xiinxalaatiin hawwii hooggansaa hin qabdu. Biyyi Jaappaan tuni qarooma warra dhihaa keessaa kan warra isiitti abaarsa taate keessa galutti dhiyaatti. Tariitii fedhii guddina teknoolojii isiin qabdutuu, addunyaa masakuu irraa isii shaagale ta’a. Garuu meeshaalee industrii gabaa biyyoota alaa koloneeffatan qabdi.

Biyyi Hindii osoo wantoonni akka isiin biyya guddoo taatuuf isii qarqaaran hedduu qabduyyuu, filannoo qarooma addunyaa masaku keessa seenuu hin dandeettu. Kunis sababa amantii dabeessa fi hedduu duubatti hafaa ta’ee biyyattii keessa faca’ee jiruuf. Akkasuma wal dhabbii sabaa fi sablammmoota biyya Hindii irraa ijaaramte jidduu jiruudha.

Kanaafuu dirree irratti akka filannootti kan argaman Muslimtoota malee homaatuu hin hafne. Adeemsa keessaalee adeemsi akka Islaamaa hin jiru. Keessumaayyuu seenaa isaa kan darbe keessatti, seenaa boonsaa fi adeemsa addunyaa guutuun argamsiisuu dadhabe hawaasni Muslimaa argamsiisee jira.

Garuu warroonni Dhihaa akka Isaamumaan addunyaa kana dandamachiisu hin barbaadan. Hayyoonni *Kaarilii fi Daalas* jedhaman seeronni isaan kaayan amantii tana keessatti malee bakka biraatti hin argamu. Ibsa isaan lafa kaayan adeemsota, tiyooriiwwanii fi karaalee beekkumsa ilmi namaa har’aan tana beeku keessaa Islaamummaa malee qaamni guutu hin jiru.

Yoo warri qarooma dhihaa ijaaranii gaaddisa isaa jala taa’an. deegummaa isaanii beeksisanii dhala namaa gara faallaatti masakaa jiraachuu himan, yeroo nuti Muslimtoonni, Islaamummaan qaamaa hoggansa ilma namaa masakuu bakka bu’ummaadhaan fudhachuudhaaf jiru arginu kanatti, sila siyaasotni, xiinxallitootaa fi hoggantootni warra dhihaa kufaatii qarooma isaanii akkuma raagan, ummanni Muslimaa hoggansa kana fudhachuu ykn gahee guddaa qabaachuu isaanii raaganii jiruu?

Tariitii bakka kanatti wanti jedhamuuf yaadamu yoo jiraate waanta hayyuun biyya Raashiyaa *Tiroojansookii* jedheedha. Yeroo warraaqsa industirii jedhamee beekkamu keessa hayyuun kuni kitaabota hedduu haala yeroo madaaluuf yaalii taasisee barreesseejira. Innis akkana jechuun of gaafate. Yoomii fi eessatti fincilli addunyaa sadaffaan uumamaa? Dubbii kanaan gara fincila industurii lamaan kan faransaayii fi sooshaalizimiitti akeekuuisaati. Akkasuma fincilli lamaanuu wantoota hedduu keessatti kufuu isaa muldhisee jira.

Addunyaan warraaqsa sadaffaa adeemsa sochii ilma namaa qajeelchutti barbaadi. Hayyuun *Toroojansookii* kuni warraaqsi kuni akka biyyoota Islaamaa keessaa malee bakka biraatii dhufuu hin dandeenne mirkaneessee jira.Barri dubbiin tuni itti taate akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 1919 tti ture.

Tariitii namni humni Islaamumaa humana addunyaa ijaartu ta’uu lafa kaaye, kitaaba mata dureen (Islaamumaan humna addunyaa kan boruuti) jedhu qopheesse *Baaroo Shamtaz*

jedhama. Kaayyoon isaa guddaan ummata ofii humna Islaamumaan qabdu hubachiisuu fi isaan akeekkachiisuufi. Akka *Baaroo Shamtaz* jedhutti qabxiileen humnaa ummanni Islaamaa qaban gurguddoon bakka afuritti qoodamu.

**Tokkoffaa**: Muslimoonni addunyaa keessatti bakka istiraateejii qabaachuu isaati. Akka ragaa *Baaroo Shamtaz* bakka ummanni Muslimaa qabate bakka akkaan barbaachistuu taateedha. Bakki amma Muslimtoonni jiran kuni bakka addaa seenaa darban hunda keessatti hawwii hoggantoota hundaa fi ijaartota impaayeraa turte. Shakkii tokko malee ummanni sochiileen lola amantii kiristaanaa, sochiileen koloneeffatootaa fi haleellaan yahuudotaa amma jiru kuni bakka addaa kana kan qabataniif sababuma wal fakkaataa kanaaf ta'a.

**Lammaffaa:** baay'inna ummata Muslimaa, kunis hawaasa Muslimaa biratti wal hormaata hedduu akka jiruu kan akeekuu fi baayinni isaanii baay'ina namoota biraa kan caaluuf taasisuudha. Akka hayyuun *Baaroo Shamtaz* jedhutti "baay'iinni hawaasa baha biyyoota Islaamaa keessatti jiru, madaalli dhihaa fi baha jidduu jiru hollachiisuutu mala. Qorannoowwan tokko tokko akka akeekanitti hawaasni naannoo kana jiraatan gabbinni isaanii wal hormaata ummata Awurooppaa harka hedduun caala."

Wanti raaga *Baaroo Shamtaz* kana mirkaneesse dabaliinsa ummata Islaamaa fi ummanni Awurooppaa baay'inna ummata isaanii dabaluu dhabuudha. Kanatti wanti dabalamee ilaalamuu qabu gosa dabaliinsa ummataati. Biyyoota Islaamaa keessatti dargaggeessi yoo heddummaatu biyyoota Awurooppaa keessatti

immoo manguddootatu heddummaata. Tariitii kuni humna Islaamummaa ibsuu fi dadhabinna warra Dhihaa mirkaneessuufi.

**Sadaffaa:** Qabeenyaa fi meeshaaleen dheedhiin biyyoota Islaamaa keessati argamu, Qabeenyi kuni guddaa waan ta’eef humna industirii guddaa amma addunyaa irra jiru harka hedduun caalu ijaaruu ni danda’u.Yoo qisaasessuu baatan yeroo qabeenyi biyyoota biraa hir’atutti qabeenyi biyyoota Muslimaa dabalaa deema.

**Afraffaa:** Islaamumaa, kuni wanta cimaa fi akkan barbaachisaa ummanni Muslimaa qabuudha. Islaamummaa akkana jechuudhaan ibsa “Amantiin Islaama amantii humna dhala namaa bifa adda addaa qaban alaabaa tokko jalatti walitti qabuuf *sihrii* qabuudha. Kunis sammuu isaanii keessaa miira namni sanyiidhaan wal qooduu erga baasee qulqulleessee booda, amantiin Islaama humna hafuuraa kan qabeenyaa fi dachee ofii irraa diina deebisuu jedhu cimaa qaba. Kunis hanga wareegama lubbuu yoo gaafates ni hayyama.

Humni kamiyyuu hawwii kana biyyoota Islaamaa keessa kan gadi lakkisaniin humna xiinxala tokkummaa Islaamaa jedhuuni. Akkasuma miira jiraachuu amantaa Isalaamaa mirkaneessuutiin. Bakka kamittuu amantiin kuni amantima fedhe waliinuu marii yoo taasise isatu injifata. Muslimtoonni hundi gara Makkaa deemuun isaanii tokkummaa isaanii wantoota cimse keessaa isa guddaadha. Adeemsi akkasii suni sirna jiruu hawaasa Muslimaa hunda keessatti amala wal qabachuu fi wal wajjiin ta’uu isaan barsiise.

Abbaan kitaabichaa xumura dubbii isaa yoo kaayu ciccirama siyaasaatiin hawaasni warra dhihaa akka dadhaban mirkaneessa. Humni Muslimtootaa amantii Islaamumaa qabachuudhaan jabaata. Hawaasni Muslimaa gara humna isaaniitti deebi'uuf qabeenya uumama isaanii yoo invasti godhanii fi bakka ji'oogiraafii isaanii kana yoo itti fayyadamaniidha.

Akkuma warri Awurooppaa teknoolojii baratan isaanis barachuu wantoota hedduu jijjiiruu ni danda'u, hayyuun kuni ammas akkana jedha "Seenaan of deebisuun isaa hin oolu. Kunis biyyoota baha Islaamaa sadarkaa jalqabaa dur irra turanitti deebisutu mala. Bakka yeroo jalqabaatiif amantiin Islaama addunyaa irraa kaati irraayi humni Islaamotaa kan jalqabu. Humni kuni kan mul'atuun wal qabachuu Muslimtootaa fi tokkummaa waraanaa isaaniitiin ta'a. Humni tuni yoo ummanni Islaamaa isii tiiysuu fi irra fayyadamuu hubatan, jiraachuu isaanii qajeelatti mirkaneeffatu. Sababa wantoonni humnoota addunyaa biroo keessatti hin guutamne isaan qabaniif madaalliiwwan humnaa hedduu ni jijjiirti.

Barreessaan biyya Ingiliz *Heelar Bilook* jedhamu si'aa'ina humna kanaa erga hubatee booda akkana jedhe, "Qaroomni Islaamaa dameewwan isii haada cimaadhaan akka hidhate shakki tokkollee hin qabu. Caafiin qarooma kanaa akkaan wal qabataadha jedhe.Qaroomni kuni amantii Islaamaa fuul durri gaariin isii eeggatu qofa osoo hin taane, humna diinota isaa irrattis rakkoo cimaa ta'u of keessatti hammatee jira." Jedhe.

*Baaroo Shamtaz* biyyoota Awurooppaatiif humna haarawa hawaasa Muslimaa keessa jiru kana irraa akkaan akeekkachiisee, humni kuni akka hin daballee fi hin guddanne, jabaatanii dalaguu akka qaban jala sararee itti hime. Kunis akka Awurooppaan ol'aantummaa siyaasaa fi diinagdee qabattee itti fuftuufi. Ammas akkana jedha, "fincilli biyyoota Islaamaa keessatti ta'u, Awurooppaaf sagalee akeekkachiisaati. Asitti awurooppaanonni walitti dhufanii waliin ta'anii qaama guddaa hiribaa ka'ee hirriba ija isaa irraa haxaawaataa jiru kana dura dhaabachuu qabani."

Ergasii *Baaroo Shamtaz* Awurooppaanota akkana jedhee gorse humna Muslimtoota dabaluu wanta danda'u kamiyyuu fuul dura dhaabachudhaan, bifa addunyaawaa siyaasaa fi diinagdee keessatti yoo isaan tokkummaa uumuu barbaadan isaan bittinneessuudhaan, dhaadannoo gamtaa Awurooppaa akka isaan hordofuuf dirqaman taasisa.

Akka ilaalcha isaatti Muslimoonni barnoota teknoolojiitiin akkuma Awurooppaanonni guddatanitti guddachuu ni danda'an, yoo akkas ta'ee argame wanta isaan walitti hidhu amantii Islaamaa qaban, amantiin kunis hanga har'aatti bifa sirrii ta'een isaan keessatti dagaagee jira, hanga dabre isa of harkaa hi buufanne.

Kitaabni hayyuu kana akka waamicha Muslimtootaa fi namoonni hedduun iimaana isaanii dabalatan gochuuf nama qarqaaruu ni danda'a, argama isaanii dirree hunda keessatti akka mirkaneessaniif, walabummaa isaanii kan siyaasaa fi diinagdee akka argatanii fi Islaamumaan waan haala isaaniif mijeessituuf

hawwiin Muslimtoonni wiirtuu hooggansaaf qaban cimsaa dhufee jira. Dandeettiin Qur’aanni kabajamaan Muslimtoota walitti hidhuuf qabu guyyama tokkollee dadhabbiin isa hin muudanne. Jaarraalee darbaan keessatti galteewwan ummata Islaamaa muudatan hunduu dandeettii fi humna iimanaa isaanii tuqu uumuu hin dandeenye.

Hayyuu *baawak Shimtaaz* qofaa miti warra Dhihaa dammaqiinsa ummata Islaamaa irraa kan akeekkachiisanii fi rakkoo warra dhihaa kana doorsisaa jiru akka dura dhaabataniif kakaasaa kan turan hedduudha. Muummee ministeera Ingiliiz duraanii kan turan *Heenerii Kaambil* nama jedhamuun ajajni darbee, Koreen idila addunyaa kan koloneeffatootni Awurooppaa yeroo dheeraadhaaf akka turan haala mijeessuu fi wabii isaanii kennu hundeeffamee ture.

Gabaasni koreen kuni bara 1907 tti dhiheesse keessaa qabxiin ijoon rakkoon guddaan koloneeffatoota mudatu naannoo giddu gala baha addunyaa akka ta’e addeessee jira. Naannoon kuni bakka dhaloota amantii fi qarooma adda addaati. Namoonni naannoo kana keessa jiraatan tokkummaa seenaa, afaanii, qabeenya uumamaa qabaachuu fi namoonni naannoo kana keessa jiran hawwii walabumaa kan qabaniidha jedhee ibse. Kunis dammaqanii haada qarooma ilma namaa masaku qabaachuun isaanii waan hin oolleedha. Mormii fi shakkii tokko malee humni koree Heeneriin hundeesse rifachiise humna Islaamumaati. Hawaasni tokkummaa seenaa, afaanii, fi hawwiin isaanii wal fakkaatu ummata Muslimaati. Amantiin hawaasni kuni hordofu amantii Islaamaati.

Karaa rakkoo koloneeffatoota Awurooppaa mudatu dura dhaabachuun danda'amuun naannawa kanatti damee biyyoota Afrikaa biyyoota Eeshiyaa irraa addaan baasuudha. Kunis ijaarsa namaa riqicha dameelee lamaan walitti hidhu cimaa fi adda ta'ee barbaachisa. Kunis kan godhamuuf qaama koloneeffatoota Awurooppaatiif hiriyyaa cimaa ta'u uumuu fi warra jalqaba dachee san irra jiraataniif diina ta'uu horachuudha. Warroonni dhihaa dubbii armaan olii kana dalagaa irra oolchuudhaaf yaalii cimaa gochaa ture, hiriyyaa koloneeffatoota Awurooppaa hedduu uumee, diina abbaa lafaa heddumeessee jira.sunis (Israa'ili)

Abbootiin aangoo warra dhihaa yeroo tokko tokko qaamonni faallaa isaanii jiran, humna ummata Muslimaa dadhabsiisuu fi kaayyoo qarooma isaanii faacaasu ta'ee argamnaan deeggarsa cimaa taasisaniifi. Muummeen ministeera Ingiliiz duraanii *Iidaan* yaadannoo isaa keessatti akkana jedhee barreesse, "biyyi Ameerikaa baroota shantamman keessa baha giddugaleessaa keessatti warra sooshaalizimii deeggaraa turte.Kayyoon Ameerikaan dalagaa isii kan siyaasaa, qaroomaa fi barnootaa naannoo kanatti fiixa baasuu barbaaddu, amantii jiraattonni naannoo kana itti amanan balleessuudha."

Hayyuun sooshaalizimii biyya Kuubaa *Kaastiroo* jedhamu biyya Israa'il akkana jedhee gorsee ture,"sochiilee wareegamtootaa Islaamaa bifa amantii akka hin uffanne taasisaa, yoo akkas ta'e si'aa'ina amantii isaan keessatti qabsiisee, biyyi Israa'il san booda ijaarsa isii jara kana wajjiin deemuun akka hin dandeenne isii taasisa. Wareegamni yoo bifa amantii uffate keessumaayyuu hawaasa Muslimaa biratti yoo ta'e,

soloshaalizimii dabalatee amantiiwwan biroo isa dura dhaabachuu hin danda'an.

Eegaa kaa wantoonni armaan olitti dabarsine kunniin lallabbii warri Dhihaa qaroomni isaanii deeguu ykn laafuu beeksiftu yoo ta'u, Yeroma sanitti immoo Islaamumaa irraa akeekkachiisa kennaniidha.

Wal-nyaatinsi qarooma warra dhihaa dhukkuba yeroo yaala hin qabnee fi guyyaa irra gara guyyaatti qaama qarooma kanaa nyaatee fixuudhaan gara kufiinsa walii galaatti geessee jira. Kunis marsaa haarawa qarooma haarawa tariitii dhala namaa rakkoo amma keessa jiru kana irraa isa baasa jedhamee yaadamuuf karaa bana.

Yaadni ga'ee qaroomaa jedhu yaada xiinxallitoonni hedduun jedhaniidha. Hanga ammaatti nama yaada kanatti amanee ragaa fi dubbii amansiisaa walitti qabaa jirutu jira. Xumurri yaada kanaa qaroomni kamuu umrii murtaawaa ta'e akka qabu akeeka, umriin kuni dheeraa fi gabaabaa ta'uu danda'a.Kanaaf qaroomni kamuu guyyaa kufutuu jira jechuudha. Hayyuun Ibni kulduun biyya nama dhuunfaatti fakkeesse, ni dhalata, ni guddata, ni dullooma, xumura irratti ni du'a.

*Heenerii Kaanbil* muummee ministeera Ingiliz duraanii kan turanii fi koree idila addunyaa armaan olitti dubbanne san kan hoogganan akkana jedhan "impaayeroonni ni uumaman, ni guddatan, ni jabaatan, ergasii yeroo murtaawaa wahiitiif ni tasgabbaahan, ergasii suuta suuta gara dhabamaatti deeman,

ergasii ni laamshayan, seenaan marsaa fi naannawa kanaan kan guuame yoo ta'u dubbiin akkanaa kuni osoo addaan hin baafne dagaaginaa fi hawaasa hedduu irra akka gahe ragaa baha." Miseensota koree isaa akkana jedhee gaafate, "sila isii sababaa fi mala rakkoo kana jalaa nu baasu ni qabdanii? Dacheen Awurooppaa turtuu waan taateef qabeenya isii hunda nyaattee fixxee jirti, garuu biyyoonni biroo hanga ammaatti dargaggummaa irra waan jiraniif barnoota, tartiibaa fi jiruu garii barbaadu."

Seenessaan biyya Ingiliiz *Tuweenbii* jedhamu seera akkaan cimaa ta'ee dhalachuu fi kufaatii qaroomaatiif kaahee jira. Qaroomni tokko kan kufuu danda'u yeroo humni namaa humna amantii caalee argameedha jedha.

Dhaabbanni mootummoota gamtoomanii fafa dhalli namaa itti deemaa jiru hubatee jira. bara 1974 fi 1975 wal gahii addaa taa'e irratti marii dheeraa erga taasiseen booda sababni guddaan dhalli namaa karaa irra goruuti isa geese sirna bulchiinsa yeroo ammaa kana addunyaa bulchaa jiru akka ta'e mirkaneessee jira.Kanaaf dhala namaa baraaruuf sirna bulchiinsa haarawaa addunyaadhaaf akka barbaachisu dubbatee jira.Sirnikunis ilma namaatiif mirga bilisummaan jiraachuu fi nagahaaf tasgabbii isaa mirkaneessuuf kan isa qarqaaru ta'uu qaba.

Kanaafuu marsaan kufaatii qarooma akkuma qarooma hedduu asiin dura itti dhuftetti qarooma warra Dhihaa kanattis dhufuun isii waan hin oolleedha. Yaaliiwwan adda addaa kan akka qaroomni kuni qarooma addunyaati jechuun kufaatii kana irraa

isii baraaruuf taasisamu, isii baraaruu hin danda’u. Sababni isaa addunyaan teenna tana keessatti qaroomman bifa addunyaa qabatanii dhufan hedduun kufanii barbaadawanii waan jiraniifi.

Tariitii namni wahii akkana jechuu ni danda’a,erga kufaatii fi barbadaa’insi qaroomaa waan mirkanaawaa ta’ee fi dhugaa mormuun hin danda’amne ta’e, qarooma Islaamaafis yoo siree hoggansaa irra kore kufaatii itti aanu irraa dandamannaan hin jiru. Nuti ummanni Muslimaa dhugaa fi dubbii kana qajeelatti hubanna. Kunis iimaana dhugummaa isaatti shakkiin tokkos dabalamuu hin dandeenneen kan mirkanaa’eedha.

﴿ وَلَقَدۡ كَتَبۡنَا فِي ٱلزَّبُورِ مِنۢ بَعۡدِ ٱلذِّكۡرِ أَنَّ ٱلۡأَرۡضَ يَرِثُهَا عِبَادِيَ ٱلصَّـٰلِحُونَ ﴾
الأنبياء: ١٠٥

*Dhugamatti nuti erga laawhal mahfuuz keessatti barreessine booda Kitaabota keessatti kan barreessine dachee tana namni dhaalu gabroota Rabbii gaggaarii jecha jedhu barreessinee jirra.*

Yoo Muslimtoonni jabaatanii hooggansa qarooma isaanii hin jabeeffatin hoggansi sun gara nama biraatti akka deemu shakkii hin qabnu. Seerri Rabbiin guddaa addunyaa kana irratti nama kamiyyuu hin aanfatu nama kamittuu adaba itti hin qabu.

## QAROOMNI MUSLIMTOOTAA FILANNOO EGEREETI

Wantoonni hedduun ragaa adda addaatiin kufaatii qarooma warra Dhihaatti yoo akeekanii fi dhaloota qarooma haarawaa yoo mirkaneessan argina. Hawwiin keenna Muslimtoonni akka hoggansa qarooma kana masakan barbaanna. Garuu wanti yaadachuun nurra jiru, Rabbiin guddaan tumsa isaa nama jabaatee

hin hojjanneef Muslimas ta’ee kaafiraa hin kennu, Haqummaa Rabbii guddaa kanaa yoo ilaalle seerri isaa bifa wal fakkaataa ta’een nama Muslimaa fi Muslima hin taane irrattis dalagaa irra oola. Seera kanneen keessaa namni tooftaalee milkaa’inaa hin hordofin milkaa’uu hin danda’u. Nama seera hoggansaa qabu malee hogganaa ta’uun hin danda’amu.

Kana jechuun Muslimtoota irraa wanti eeggamu akka milkaa’inaa fi bakka bu’ummaa qabaataniif tattaaffii mataa isaanii gochuu qabu. Kufaatiin qarooma warra Dhihaa booda kan dirqamaan bakka bu’u qarooma Islaamaati jedhanii yaaduun qofti abjuudha. Yaadni akkanaa kuni yaada warra ceenphaa, hojii dhabdootaa fi warra hawwii qofa keessa jiraatuuti.

Qaroomni warra Dhihaa damee Bahaa fi Dhihaas dabalatee, hanga har’aatti addunyaa irratti ol’aantummaa qaba. Ol’aantummaan isaa kunis hanga nu yaadnu oli. Dhaabachuu fi kufuun qaroomaa guyyaa fi halkan tokko keessatti waan ta’uu miti. Kanaaf haala yeroo yaada keenya keessa galchuun dirqama guddaadha.

Gara biraatii immoo qorataan tokko yaadachuu kan qabu sababa qaroomni warra Dhihaa filannoo qarooma biraa kan isa irra bakka bu’u dhabee hanga ammaatti itti fufuu danda’eef beekuu qaba. Dadhabina fi faca’iinsa ummanni Islaamaa kuni yeroo har’aa keessa jiru irraa kan ka’e, qaamni biraa hoggansa qaroomaa fudhachuudhaan, masakani addunyaa harka warra Dhihaa irraa gara nama biraatitti darbuu dandeetti.Yeroo kanatti Muslimtoonni gaheen isaanii dhaabbatanii ilaaluu qofa ta’a.

Ilmaan ummata Muslimaa hedduun isaanii sababa kanaafis ta’ee kaaniif hanga har’aatti qarooma warra dhihaa kana baay’inaan ajaa’ibsiifatu.Ijoollee sanniin karatti deebisuu fi dhugaa akka isaan argan taasisuun dirqama namni Muslimaa kamiyyuu ittiin dhaabbatuu qabuuti.Kunis kan ta’uuf gara tokkoon dirqama, gara kaaniin immoo sadarkaa hooggansa qaroomaa irra deebinee qabachuudhaaf waan nu qarqaaruuf.

Akeekni hedduun yeroo ammaa kana argisiisaa jiru sararri giraafii qarooma warra Dhihaa gara gadiitti akeekaa jiraachuu isaati. Ragaaleen hedduun akka mirkaneessanitti aduun qarooma kanaa Dhihuuf kalaahuu isiiti. Qaroomni warra dhihaa kuni hawaasa biraa dhiisiitii ilmaan ofiituujabummaa fi itti fufiinsa qabaachuu isii dandeettii ittiin mirkaneessitu dhabdee jirti.

Kanaaf gaafiin filannoon itti aanu maaliidha jedhu gaafii barbaachisaa ta’ee argama. Qarooma haarawa dhufaa jiru irratti hanga har’aatti filannoon gaarii fi dhala ilma namaa masakuu danda’a jedhamee yaadamu Muslimtoota qofaadha. Hawwiin teenna yoo Rabbi biraa taate Muslimtoonni dalagaa gaarii isaan eegaa jirtu tana hanga sadarkaa eeggamuu oli ta’anii akka argamaniidha. Seera kanaaf barbaachisuus qabachuu qabu.

Waa’ee seera Muslimtoonni hooggansa qaroomaa argachuuf guutuu qabanii irraa haasawa taasisuun dhimma qorannoo dheeraa amma nu jalqabne kana guutee dhiheessu qophessuutu barbaachisa. Akka qorannoon kuni nuuf guutamu Rabbii koo kadhadha. Garuu asitti seerota sanneen keessaa barbaachisoo kan ta’an gabaabsee dubbachuu barbaada.

Seerota barbaachisoo keessaa:

1. Burjaaja’iinsa xiinxalaa yeroo dheeraadhaaf kokkee ummataa qabatte furamuun ilaalcha Islaamumaa fi adeemsa sirrii qopheessuu.

2. Aqiidaa sirrii, jabaa gadi fagaataa, salphaa, ifa gala, wal guutaa fi onnee namaa keessa seenuu dandeettu qabachuu. Qulqullummaan isii sammuu kan sirreessitu, adeemsa namoota dhuunfaa fi garees kan murteessitu, aqiidaa ummanni itti amanuu fi isii waliin si’aa’ina qabaachuudhaan, waan fudhatuu fi dhisus kan ittiin madaalu ta’uu qabdi. Aqiidaa humna nama isitti amanee: kennaa, abuuurraa fi ijaarsa keessatti gingilchitee baaftu qabaachuun dirqama.

3. Ilaalcha madaalawaa fi qeeqa faayida qabeessa duudhaa ilma namaa hammayyaa irratti dhiheessuu. Akkasuma wanta duudhaa kana keessaa fudhachuun maluu fi hin malle lafa kaayuu. Kunis hordoofii daangaa hin qabnee fi diddaa daangaa hin qabneen ta’uu qaba. Kana gochuudhaaf bayeessa qarooma kanniinii dabeessa isaa irraa, badaa isaa gaarii irraa, faayda qabeessa isaa miidhaa irraa addaan baasuun dirqama ta’a.

4. Duudhaa Islaamaatiif ilaalcha gaarii qabaachuu, kunis ittiin boonuu fi irraa fayyadamuuf nama qarqaara. Kana yoo jennu duudhaa kana qulqulleessuun rakkoo inni qabu mari’achuu dhiisu jechuu miti. Maddeen Islaamaa fi duudhaan Islaamaa garaa garummaa qabu. Qabeenya kana irra fayyadamuun gaariidha.

5. Adeemsa xiinxalaa sirreessutti yaaddahuu, dhimmoota dimshaashaa, seerotaa fi heerota bu’uuraa irratti xiyyeeffachuun wanta yeroo irra gara yerootti jijjiiramu dhiisuudha. Wanti yeroodhaan jijjiiraman xumura hin qaban. Garuu dhimmootni

dimshaashaa, seerotaa fi heerotni bu’uuraa akkasii miti. Kanaaf isaan sirreessuu fi irratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha. Dhimmoonni kunniin sochii mataa, adeemsa fi madaallii isii waan too’attufi. Kunis si’aa’inni sammuu gara kallattii sirrii akka deemu taasisa. Amalli damee ilaalchaati, xiinxalli garuu yeroo hundaa wanta jiru hundaafuu dursa sirrii ykn dogogoraa ta’uu danda’a.

6. Adeemsa kana haala jiruu ummata Islaamaatiin walitti hidhuu, kunis gara tokkoon akka isiin furmaata rakkoo isii argattuuf qarqaara, gara biraatiin immoo kennaa beekkumsaa kennuuf qarqaara. Bifa kanaan furmaanni argamu furmaata tiyoorii fi hawwii keessaa bahuu danda’a.

7. Dhaabbilee Islaamaa bakka bu’uummaadhaan xiinxala, diinagdee, barnootaa fi hawaasummaa irratti dalagan hundeessuu. Dhaabbileen kunniin bifa barnoota qabani. Ammas ummata Islaamummaa keessa yeroo dheeraaf suuta suutaan bahe gara Islaamummaatti akka deebi’aniif isaan qarqaara.Yoo Raabii fedhe suutama suutaan itti deebi’ani.

8. Mul’ata qarooma Islaamaa kan hawaasa, biyya ammayyaa, humna wal qabataa cimaa fi ajajamaa ijaaruuf qarqaaru bocuun lafa kaayachuu.

9. Kana hundaahuu (aqiidaa, xiinxala. Beekkumsaa fi adeemsa) gara aadaa kutaalee hawaasa hundaa hiruun danda’amuutti jijjiiruudha. Kunis haala amansiisaa ta’een ta’uu qaba.

10. Seera Rabbiin guddaa ijaarama biyyaa, qaroomaa, fi kufaatii isaa beekuudha. Seerri kuni Muslimtootaa fi namoota Muslima hin ta’in irrattis ni dalaga. Seera kana wajjiin dalaguun

kan danda'amu ummata gara Islaamumaatti waamuudhani. Sana booda ummannii kuni hawwii bakka bu'ummaa qarooma nu jennuu kanaaf ga'umsa qabaatuu kan danda'u.

Carraa kana fayyadamnee dargaggoota Muslimaatii fi qorattoota isaaniitiif wanti dhaamnu yoo jiraate, qorannoo isaanii seera uumaa kan barbadaa'insaa fi jiraachuu hawaasa darbanii, akkasuma guddinaa fi dubatti hafummaa isaanii ibsu irratti akka xiyyeeffatan dhaamnaafi. Seeronni suunniin seerota Rabbii guddaa waan ta'aniif yaadni qorattoota hedduu osoo garas deebi'ee keeyyatoota Qur'aanaa keessatti wantoota dhimma kana ilaalchisee dhufe irratti xiyyeeffachuun barnootaa fi seera qabatamaa ummaa barbaachisuu baasanii qoratanii waan ummanni barbaadu lafa nuu kaayanii hedduu gaariiidha.

Seerota sanneen keessa tokko tokkoo isaanii irratti kakaasuuf bifa armaan gadiitiin keeyyata Qur'aanaa keessa baasee lafa kaayee jira.

Rabbiin akkana jedha:

﴿ تِلْكَ ٱلدَّارُ ٱلْـَٔاخِرَةُ نَجْعَلُهَا لِلَّذِينَ لَا يُرِيدُونَ عُلُوًّا فِى ٱلْأَرْضِ وَلَا فَسَادًا ۚ وَٱلْعَٰقِبَةُ لِلْمُتَّقِينَ ﴿٨٣﴾ ﴾
القصص: ٨٣

*Ganda Aakiraa san warra dachii keessatti ol'aantummaa fi badii raawwachuu hin feeneef ishee goone, booddeen gaariin warra Rabbiin sodaataniif (qasas: 83)*

﴿ إِنَّهُۥ مَن يَتَّقِ وَيَصْبِرْ فَإِنَّ ٱللَّهَ لَا يُضِيعُ أَجْرَ ٱلْمُحْسِنِينَ ﴿٩٠﴾ ﴾ يوسف: ٩٠

*Dhugamatti namni Rabbiin sodaatee obse, Rabbiin mindaa toltuu hojjattootaa hin balleessu jedhe, (yuusuf: 90)*

﴿ يَٰبَنِيَّ ٱذۡهَبُواْ فَتَحَسَّسُواْ مِن يُوسُفَ وَأَخِيهِ وَلَا تَاْيۡـَٔسُواْ مِن رَّوۡحِ ٱللَّهِۖ إِنَّهُۥ لَا يَاْيۡـَٔسُ مِن
رَّوۡحِ ٱللَّهِ إِلَّا ٱلۡقَوۡمُ ٱلۡكَٰفِرُونَ ﴿٨٧﴾ ﴾ يوسف: ٨٧

*Yaa ilmaan kiyya deemaa Yuusufii fi obboleessa isaa irraa odeeffadha, rahmata Rabbii irraayis garaa hin muratinaa. Dhugamatti ummata kaafirootaa malee rahmata Rabbii irraa eennullee garaa hin muratu (yuusuf: 87)*

﴿ وَٱلۡبَلَدُ ٱلطَّيِّبُ يَخۡرُجُ نَبَاتُهُۥ بِإِذۡنِ رَبِّهِۦۖ وَٱلَّذِي خَبُثَ لَا يَخۡرُجُ إِلَّا نَكِدٗاۚ ﴿٥٨﴾ ﴾
الأعراف: ٥٨

*Biyyi gaariin biqilaan isaa hayyama gooftaa isaattiin baasa, inni bade immoo dadhabbiidhaan malee biqilaa hin baasu. (A'iraaf: 85)*

﴿ لَا يَغُرَّنَّكَ تَقَلُّبُ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ فِي ٱلۡبِلَٰدِ ﴿١٩٦﴾ مَتَٰعٞ قَلِيلٞ ثُمَّ مَأۡوَىٰهُمۡ جَهَنَّمُۖ وَبِئۡسَ
ٱلۡمِهَادُ ﴿١٩٧﴾ لَٰكِنِ ٱلَّذِينَ ٱتَّقَوۡاْ رَبَّهُمۡ لَهُمۡ جَنَّٰتٞ تَجۡرِي مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُ خَٰلِدِينَ فِيهَا نُزُلٗا مِّنۡ
عِندِ ٱللَّهِۗ وَمَا عِندَ ٱللَّهِ خَيۡرٞ لِّلۡأَبۡرَارِ ﴿١٩٨﴾ آل عمران:196-198

*Dachii keessa gaggaraa galuun warra kafaranii si hin gowwoomsin, kuni qananii muraasa, ergasii teessoon isaanii jahannami, booddeen isaa waa fokkatte, garuu isaan gooftaa isaanii sodaataniif ishee keessatti hafoo ta'anii isaaniif ashaakiltiilee laggeen ishee jala yaatutuu jira. Affeerraa Rabbiin biraa ta'e affeeramanii waan Rabbiin biraatu qulqullootaaf gaariidha. (Al'imraan 196- 198)*

﴿ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ وَصَدُّواْ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ أَضَلَّ أَعۡمَٰلَهُمۡ ١ ﴾ محمد: ١

*Warra kafaranii karaa Rabbii irraa namoota dhoorgan Rabbiin hojiiwwan isaanii balleessee jira. (Muhaamad1)*

﴿ وَقَدِمۡنَآ إِلَىٰ مَا عَمِلُواْ مِنۡ عَمَلٖ فَجَعَلۡنَٰهُ هَبَآءٗ مَّنثُورًا ٢٣ ﴾ الفرقان: ٢٣

*Nuti gara dalagaa isaan dalaganii dhufnee dhukkee faca'aa isa goone. (Furqaan 23)*

﴿ وَمَآ أَرۡسَلۡنَا فِي قَرۡيَةٖ مِّن نَّبِيٍّ إِلَّآ أَخَذۡنَآ أَهۡلَهَا بِٱلۡبَأۡسَآءِ وَٱلضَّرَّآءِ لَعَلَّهُمۡ يَضَّرَّعُونَ ٩٤
ثُمَّ بَدَّلۡنَا مَكَانَ ٱلسَّيِّئَةِ ٱلۡحَسَنَةَ حَتَّىٰ عَفَواْ وَّقَالُواْ قَدۡ مَسَّ ءَابَآءَنَا ٱلضَّرَّآءُ وَٱلسَّرَّآءُ فَأَخَذۡنَٰهُم بَغۡتَةٗ
وَهُمۡ لَا يَشۡعُرُونَ ٩٥ وَلَوۡ أَنَّ أَهۡلَ ٱلۡقُرَىٰٓ ءَامَنُواْ وَٱتَّقَوۡاْ لَفَتَحۡنَا عَلَيۡهِم بَرَكَٰتٖ مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلۡأَرۡضِ
وَلَٰكِن كَذَّبُواْ فَأَخَذۡنَٰهُم بِمَا كَانُواْ يَكۡسِبُونَ ٩٦ ﴾ الأعراف: ٩٤ - ٩٦

*Nuti gara ganda kamiiyyu nabiyyii hin erginee yoo ummanni sun ajaja fudhachuu didan ummata san akka isaan of gadi qabaniif, jecha hiyyummaa fi dhibeef isaan saaxillu malee isaan hin dhiifne, eegasii hanga isaan baay'atanii dhugamatti abbootii keenya rakkinnii fi toltuu tuqxee jirti, kuni waanuma yeroon fidu jedhanitti bakka hamtuun turte toltuu jijjiirreefi. Achumaan osoo isaan hin beeyne tasa isaan qabne. (A'iraaf 94-96)*

﴿ مَّا يَفۡتَحِ ٱللَّهُ لِلنَّاسِ مِن رَّحۡمَةٖ فَلَا مُمۡسِكَ لَهَاۖ وَمَا يُمۡسِكۡ فَلَا مُرۡسِلَ لَهُۥ مِنۢ بَعۡدِهِۦۚ وَهُوَ ٱلۡعَزِيزُ
ٱلۡحَكِيمُ ٢ ﴾ فاطر: ٢

*Rahmata irraa wanti Rabbiin namaaf bane wanti isii dhoowwu tokkooyyuu hin jiru, wanta inni dhoorges isa boodaan namni gadi dhiisu hin jiru. Rabbiin injifataa fi ogeessa. (Faaxir 2)*

﴿ فَلَمَّآ أَلۡقَوۡاْ قَالَ مُوسَىٰ مَا جِئۡتُم بِهِ ٱلسِّحۡرُۖ إِنَّ ٱللَّهَ سَيُبۡطِلُهُۥٓۖ إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُصۡلِحُ عَمَلَ ٱلۡمُفۡسِدِينَ ٨١
وَيُحِقُّ ٱللَّهُ ٱلۡحَقَّ بِكَلِمَٰتِهِۦ وَلَوۡ كَرِهَ ٱلۡمُجۡرِمُونَ ٨٢ ﴾ يونس: ٨١ - ٨٢

*Yeroo isaan darban Muusaan ni jedhe, wanti isin qabttanii dhuftan falfala, dhugumatti Rabbiin isa balleessuuf jira. Rabbiin dalagaa badii hojjatootaa hin tolchu.(Yoonus 81-82)*

﴿ وَإِذِ ٱبۡتَلَىٰٓ إِبۡرَٰهِـۧمَ رَبُّهُۥ بِكَلِمَٰتٖ فَأَتَمَّهُنَّۖ قَالَ إِنِّي جَاعِلُكَ لِلنَّاسِ إِمَامٗاۖ قَالَ وَمِن ذُرِّيَّتِيۖ قَالَ لَا يَنَالُ
عَهۡدِي ٱلظَّٰلِمِينَ ١٢٤ ﴾ البقرة: ١٢٤

*Yeroo gooftaan isaa Ibraahimiin jechootaan qormaata isa godhe, dhugamatti ani namootaaf imaama si taasisee jira. Ibraahimis akkana jedhe, sanyi kiyya irraayis taasisi.Rabbiin akkana jedhe waadaa nabiyyummaa kiyyaa warri miidhaa hojjatu hin argatu. (Albaqara 124)*

﴿ أَنزَلَ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مَآءٗ فَسَالَتۡ أَوۡدِيَةُۢ بِقَدَرِهَا فَٱحۡتَمَلَ ٱلسَّيۡلُ زَبَدٗا رَّابِيٗاۖ وَمِمَّا يُوقِدُونَ عَلَيۡهِ فِي
ٱلنَّارِ ٱبۡتِغَآءَ حِلۡيَةٍ أَوۡ مَتَٰعٖ زَبَدٞ مِّثۡلُهُۥۚ كَذَٰلِكَ يَضۡرِبُ ٱللَّهُ ٱلۡحَقَّ وَٱلۡبَٰطِلَۚ فَأَمَّا ٱلزَّبَدُ فَيَذۡهَبُ جُفَآءٗۖ وَأَمَّا مَا
يَنفَعُ ٱلنَّاسَ فَيَمۡكُثُ فِي ٱلۡأَرۡضِۚ كَذَٰلِكَ يَضۡرِبُ ٱللَّهُ ٱلۡأَمۡثَالَ ١٧ ﴾ الرعد: ١٧

*Samii irraa bishaan buusee laggeen hanga isheetiin ni yaate, lolaanis hoomacha oli fuudhamaa baadhatee, waan isaan faayaaf meeshaa barbaaduuf jecha ibidda irratti qabsiisan irraas hoomacha akkasiitu jira, akka kanatti Rabbiin dhugaa fi soba fakkeenya godha, hoomacha goggogaa ta'ee deema, wanti nama*

*fayyadu immoo dachii keessa taa'a. Akka kanaan Rabbiin fakkeenya godhe. (Alra'd 17)*

﴿ لَقَدْ كَانَ لِسَبَإٍ فِي مَسْكَنِهِمْ ءَايَةٌ جَنَّتَانِ عَن يَمِينٍ وَشِمَالٍ كُلُوا۟ مِن رِّزْقِ رَبِّكُمْ وَٱشْكُرُوا۟ لَهُۥ بَلْدَةٌ طَيِّبَةٌ وَرَبٌّ غَفُورٌ ﴾ سبأ: ١٥

*Dhugamatti warra saba'iifiddoo jireenya isaanii keessatti mallattoon ta'eera.ooyruu lama gama bitaa fi mirgaan kan taateedha. Soorata gooftaa keessanii irraa nyaadhaa, galtas isaaf galchaa. Biyyattiin keessanis biyya gaariidha. Rabbiin keessan gooftaa araaramaadha.(saba'I 15)*

﴿ إِن يَنصُرْكُمُ ٱللَّهُ فَلَا غَالِبَ لَكُمْ وَإِن يَخْذُلْكُمْ فَمَن ذَا ٱلَّذِى يَنصُرُكُم مِّنۢ بَعْدِهِۦ وَعَلَى ٱللَّهِ فَلْيَتَوَكَّلِ ٱلْمُؤْمِنُونَ ﴾ آل عمران: ١٦٠

*Yoo Rabbiin isi qarqaare wanti isin hinjifatu hin jiru, yoo inni isin xiqqeesse, inni booda isaatii isin qarqaaru sun eenyu Mu'umintoonni Rabbuma irratti kan hirkatan. (*Al'imraan *160)*

﴿ وَجَعَلْنَا مِنْهُمْ أَئِمَّةً يَهْدُونَ بِأَمْرِنَا لَمَّا صَبَرُوا۟ وَكَانُوا۟ بِـَٔايَٰتِنَا يُوقِنُونَ ﴿٢٤﴾ ﴾ السجدة: ٢٤

*Yeroma isaan obsanii keeyyatoota keenya dhugoomsan, isaan irraa imaamota ajaja keenyaan nama qajeelchan taasifne. (Asajidaa 24)*

﴿ ذَٰلِكَ بِأَنَّ ٱللَّهَ لَمْ يَكُ مُغَيِّرًا نِّعْمَةً أَنْعَمَهَا عَلَىٰ قَوْمٍ حَتَّىٰ يُغَيِّرُوا۟ مَا بِأَنفُسِهِمْ وَأَنَّ ٱللَّهَ سَمِيعٌ عَلِيمٌ ﴿٥٣﴾ ﴾ الأنفال: ٥٣

*Kuni waan Rabbiin tola ummata irratti oole tokko irratti hanga isaan waan lubbu isaaniitti jiru jijjiiranitti kan hin jijjiirre ta'eef Rabbiinis beekaa fi waa dhagahaadha.(Anfaal 53)*

﴿ وَكَمْ أَهْلَكْنَا قَبْلَهُم مِّن قَرْنٍ هُمْ أَشَدُّ مِنْهُم بَطْشًا فَنَقَّبُوا۟ فِى ٱلْبِلَٰدِ هَلْ مِن مَّحِيصٍ ﴿٣٦﴾

﴾ ق: ٣٦

*Isaan dura dhaloota humnaan isaan ciccimoo ta'an baay'ee ballissinee jirra, biyya keessa iddoo baqaa argannaa? Jechaa fiigaa turan. (qaaf 36)*

﴿ أَلَمْ يَرَوْا۟ كَمْ أَهْلَكْنَا مِن قَبْلِهِم مِّن قَرْنٍ مَّكَّنَّٰهُمْ فِى ٱلْأَرْضِ مَا لَمْ نُمَكِّن لَّكُمْ وَأَرْسَلْنَا ٱلسَّمَآءَ عَلَيْهِم

مِّدْرَارًا وَجَعَلْنَا ٱلْأَنْهَٰرَ تَجْرِى مِن تَحْتِهِمْ فَأَهْلَكْنَٰهُم بِذُنُوبِهِمْ وَأَنشَأْنَا مِنۢ بَعْدِهِمْ قَرْنًا ءَاخَرِينَ ﴾

الأنعام: ٦

*Sila isaan dura jaarraa irraa dachii keessatti hanga isiniif hin mijeessin, isaaniif mijeessine, hedduu balleessuu keenya hin ilaalanuu, bookkaa wal hordofaa ta'e isaan irratti buufnee, laggeenis jala isaanii akka yaatu goone badii isaaniitiin isaan balleessinee booda, isaanitti dhaloota biraa uumne, (An'aam 6)*

﴿ فَلَمَّا نَسُوا۟ مَا ذُكِّرُوا۟ بِهِۦ فَتَحْنَا عَلَيْهِمْ أَبْوَٰبَ كُلِّ شَىْءٍ حَتَّىٰٓ إِذَا فَرِحُوا۟ بِمَآ أُوتُوٓا۟

أَخَذْنَٰهُم بَغْتَةً فَإِذَا هُم مُّبْلِسُونَ ﴿٤٤﴾ ﴾ الأنعام: ٤٤

*Yeroma isaan waan ittiin gorfaman dagatan, balbala waan hundaa isaanitti banne, yeroo isaan waan argataniin gammadan, osoo isaan hin beekne isaan qabne, isaan yoosuu abdii murattoota. (An'aam 44)*

﴿ وَإِذۡ تَأَذَّنَ رَبُّكُمۡ لَئِن شَكَرۡتُمۡ لَأَزِيدَنَّكُمۡۖ وَلَئِن كَفَرۡتُمۡ إِنَّ عَذَابِي لَشَدِيدٞ ٧ ﴾

إبراهيم: ٧

*Ammas yeroo gooftaan keessan lallabe, yoo na galatoonfattan tola kiyya irraa isinii dabala, yoo natti kafartan, dhugumatti adabbiin kiyya akkaan hamaadha. (Ibraahim 7)*

Ummatoota fi qarooma wahii irraa haasawa taasisuun akkasuma jabinaa fi dadhabina ummata wahii ibsuun keeyyata Qur’aanaa keessatti damee baldhaa qabatee jira.Shakkii tokko malee qorannoowwan hubannoo cimaa fi ifa Rabbii guddaatiin taasifamtu ummatootaa akkuma dimshaashaattuu hawaasa guutuudhaaf qorannoo filatamtuu fi faayida qabeettii taatee ni argamti. Damee kana keessatti namni waan hundaa beekee, dhala namaa fi hawaasa baldhaa boolla badiinsaa irra dhaabattu kana baraaruu barbaada.

Rabbiin dhugaa dubbataa fi karaa sirriitti nama qajeelchaadha.

# Kitaabni Kun

Kitaabni kun ummanni Islaamaa gosoota qaroomaa Rabbi dachii kana keessatti argamsiise akka beekuuf, dirqama isaanii kan qarooma warra Dhihaa fashalaa dhufe dhaaluuf uf qopheessuu akka bayataniif yaadachiisa ta'a. Qophiin kunis dachii tana keessatti mijaa'ina guutuu argachuuf qophii guutuu osoo hin qophaayiniin duratti hoogganuuf akka isaan tattaaffii guddaa taasisan dirqama godha.

Kitaabni kun amallan qarooma warra Dhihaa kan dadhabaa dhufe irraa haasaya; lallaba ilmaanii fi xiinxaltoota qarooma warra Dhihaas kaasee jira; mallattoolee fashaliinsa qarooma kanaa agarsiisan keessaa lubbuu ufii baasuu (suicide) akka fakkeenya tokkootti kaasee jira. sanittis aansee dhukkuba (rakkoo) jiru addaan baasuu fi dawaa isaaf barbaachisu qorachuu irrattis yaalii taasisee jira. dhumaraa qarooma Dhihaa fashalaa dhufe kanaaf wanti isa bakka bu'u maali jedhee gaafiis kaasee jira.

Ummanni Islaamaa qarooma Dhihaa fashalaa jiru kana qarooma isaatiin bakka buusee addunyaaf dhiyeessuun qarooma uf duratti eeggamu akka ta'us abdii isaa ibsee jira. ulaagaalee qarooma kana bakka bu'aa isa taasisanis tarreessuun waan jedhu kana ragaa Qur'aana kabajamaa irraa fidachuun cimsee jira.